۞ وَمَآ أَنزَلۡنَا عَلَىٰ قَوۡمِهِۦ مِنۢ بَعۡدِهِۦ مِن جُندٖ مِّنَ ٱلسَّمَآءِ وَمَا
كُنَّا مُنزِلِينَ ٢٨ إِن كَانَتۡ إِلَّا صَيۡحَةٗ وَٰحِدَةٗ فَإِذَا هُمۡ خَٰمِدُونَ
٢٩ يَٰحَسۡرَةً عَلَى ٱلۡعِبَادِۚ مَا يَأۡتِيهِم مِّن رَّسُولٍ إِلَّا كَانُواْ بِهِۦ
يَسۡتَهۡزِءُونَ ٣٠ أَلَمۡ يَرَوۡاْ كَمۡ أَهۡلَكۡنَا قَبۡلَهُم مِّنَ ٱلۡقُرُونِ
أَنَّهُمۡ إِلَيۡهِمۡ لَا يَرۡجِعُونَ ٣١ وَإِن كُلّٞ لَّمَّا جَمِيعٞ لَّدَيۡنَا مُحۡضَرُونَ
٣٢ وَءَايَةٞ لَّهُمُ ٱلۡأَرۡضُ ٱلۡمَيۡتَةُ أَحۡيَيۡنَٰهَا وَأَخۡرَجۡنَا مِنۡهَا حَبّٗا
فَمِنۡهُ يَأۡكُلُونَ ٣٣ وَجَعَلۡنَا فِيهَا جَنَّٰتٖ مِّن نَّخِيلٖ
وَأَعۡنَٰبٖ وَفَجَّرۡنَا فِيهَا مِنَ ٱلۡعُيُونِ ٣٤ لِيَأۡكُلُواْ مِن ثَمَرِهِۦ
وَمَا عَمِلَتۡهُ أَيۡدِيهِمۡۚ أَفَلَا يَشۡكُرُونَ ٣٥ سُبۡحَٰنَ ٱلَّذِي
خَلَقَ ٱلۡأَزۡوَٰجَ كُلَّهَا مِمَّا تُنۢبِتُ ٱلۡأَرۡضُ وَمِنۡ أَنفُسِهِمۡ
وَمِمَّا لَا يَعۡلَمُونَ ٣٦ وَءَايَةٞ لَّهُمُ ٱلَّيۡلُ نَسۡلَخُ مِنۡهُ ٱلنَّهَارَ
فَإِذَا هُم مُّظۡلِمُونَ ٣٧ وَٱلشَّمۡسُ تَجۡرِي لِمُسۡتَقَرّٖ لَّهَاۚ
ذَٰلِكَ تَقۡدِيرُ ٱلۡعَزِيزِ ٱلۡعَلِيمِ ٣٨ وَٱلۡقَمَرَ قَدَّرۡنَٰهُ مَنَازِلَ حَتَّىٰ
عَادَ كَٱلۡعُرۡجُونِ ٱلۡقَدِيمِ ٣٩ لَا ٱلشَّمۡسُ يَنۢبَغِي لَهَآ أَن تُدۡرِكَ
ٱلۡقَمَرَ وَلَا ٱلَّيۡلُ سَابِقُ ٱلنَّهَارِۚ وَكُلّٞ فِي فَلَكٖ يَسۡبَحُونَ ٤٠

㉘ Ummata isaa kan isa kijibsiisan balleessuu keessatti waraana malaykaa samii irraa buusutti hin haajaamne. Dubbiin isaanii nu biratti san irraa laafaadha. Badiin isaan maleykota adabaa samii irraa buusuun odoo hin tahin sagalee iyyansa samii irraa dhufuun akka tahu murteessine.

㉙ Seenaan ummata isaa balleessuu iyyansuma takka malee hin taane. Ishee isaan irratti erginaan odoo wanti tokko hin hafin yeruma sana dhuman. Fakkeenyi isaanii akkuma ibidda qabatee odoo homaa hin hafin achumaan dhaamteeti.

㉚ Yaa sheenaa/gaabbii gabroota kijibsiisoo tahanii! Sheenaan isaanii sun yeroo adabbii arganiidha. Sun akki itti tahe gaafa addunyaa keessa jiran ergamaan Rabbiin biraa isaanitti dhufee isatti qishnan malee hin hafan waan ta'eef booddeen isaanii karaa Rabbii keessatti daangaa darbuu irratti guyyaa Qiyaamaa gaabbuu/ sheena'uu tahe.

㉛ Si ummanni kijibsiiftoonni ergamootatti qishnan kun ummattoota isaan dura darbe keessatti gorsa hin argannee? Dhugumatti erga dhumanii addunyatti yeroo tokkollee hin deebifaman. Achumaan dalagaa isaanii irraa waan dabarfatanitti gayan. Ishee irratti Rabbiin mindeessuuf jira.

㉜ Ummanni hundi odoo tokko hin hafne erga kaafaman booda hojii isaanii irratti mindeeffamuuf guyyaa Qiyaamaa nu bira fidaman malee hin hafan.

㉝ Warra kaafamuu sobsiisaniif kaafamuun dhugaa ta'uu irratti dachii gogduu bokkaa samii irraa itti buufnaan gosa margaafi firii adda addaa akka namni nyaatuuf keessaa magarsine isaaniif mallattoodha. Inni bokkaa itti buusee marga baasuun dachii kana warra du'e jiraachisee kaasuu irratti dandayaadha.

㉞ Dachee rooba itti buufne kana keessatti ashaakiltii timiraafi inaba taasifnee waan ishee obaasu burqituu bishaanii ishee keessaa maddisiifne.

㉟ Fudraalee ashaakiltii sanii irraa wanta Rabbiin isaanii kenne odoo hin hojjatin akka namni nyaatuuf. Isa qofa gabbaranii ergamoota isaatti amanuun tola isaa kana irratti Rabbiin hin galateeffatanii?!

㊱ Rabbiin akaakuulee biqiltuufi muka adda addaa magarse qulqullaa'e. Lubbuu namaa irras dhiiraafi dubartoota yeroo uume, uumama Rabbii kan biroos ardiifi galaana keessatti wanta namni hin beeknes ni uume.

㊲ Namoota tokkummaa Rabbii irratti qajeelchuuf guyyaan deemee halkan dhufuun yeroo halkan keessaa guyyaa fuunu ifaa ni adeemsifna. Guyyaan deemuu booda dukkana fiduun namni dukkana keessatti seenoodha.

㊳ Aduun bakka qubsumaa kan Rabbiin hanga isaa beekutti deemtu tun tokkummaa Rabbii irratti isaaniif mallattoodha. Murteen kun murtee isa injifataa wanti tokko isa hin injifanneeti. Isa beekaa waa'ee uumama isaa irraa wanti tokkolleen isa hin dhokanne.

㊴ Jiini halkan hunda iddoo qubsumaa isaaf goone kan xiqqaa ta'ee eegalee guddatu kun tokkummaa Rabbii irratti isaaniif mallattoodha. Ammas qallina keessatti hanga akka gurruu/yuudoo timiraa kan hookka'ee jallatetti deebi'a.

㊵ Mallatooleen biiftuu, ji'aa, halkaniifi guyyaa dandeettiin Rabbii ittiin godhamte waan ta'eef waan isheef murteeffame bira hin dabartu. Adeemsa isaa jijjiiruuf yookiin ifa isaa irraa oofuuf biiftuun ji'a dhaqqabuun hin mijjaa'u. Halkanis guyyaa dhaqqabee odoo yeroon isaa hin dhumne dura darbuun hin mijjaa'u. Uumamni laaffifame kun hundiifi kan biroo kan akka urjiilee hunduu karaa dandeettii Rabbiifi tika isaatiin isheef murteeffame qabu.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Yeroo Rabbitti dil'aawan umamni Rabbiin biratti akkam salphatu. Yeroo ibaadaa isaa godhan immoo akkam kabajamoodha
- Kaafamuu irratti mallattoon dachii gogde biqiltuu magariisaan jiraachisee firii isa irraa baasuudha.
- Umama samiifi dachii keessatti uumee ishee karooraan oofuun mallattoo tokkummaa Rabbii irryi.

وَءَايَةٞ لَّهُمۡ أَنَّا حَمَلۡنَا ذُرِّيَّتَهُمۡ فِي ٱلۡفُلۡكِ ٱلۡمَشۡحُونِ (٤١) وَخَلَقۡنَا
لَهُم مِّن مِّثۡلِهِۦ مَا يَرۡكَبُونَ (٤٢) وَإِن نَّشَأۡ نُغۡرِقۡهُمۡ فَلَا صَرِيخَ لَهُمۡ
وَلَا هُمۡ يُنقَذُونَ (٤٣) إِلَّا رَحۡمَةٗ مِّنَّا وَمَتَٰعًا إِلَىٰ حِينٖ (٤٤) وَإِذَا
قِيلَ لَهُمُ ٱتَّقُواْ مَا بَيۡنَ أَيۡدِيكُمۡ وَمَا خَلۡفَكُمۡ لَعَلَّكُمۡ تُرۡحَمُونَ
(٤٥) وَمَا تَأۡتِيهِم مِّنۡ ءَايَةٖ مِّنۡ ءَايَٰتِ رَبِّهِمۡ إِلَّا كَانُواْ عَنۡهَا
مُعۡرِضِينَ (٤٦) وَإِذَا قِيلَ لَهُمۡ أَنفِقُواْ مِمَّا رَزَقَكُمُ ٱللَّهُ قَالَ ٱلَّذِينَ
كَفَرُواْ لِلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ أَنُطۡعِمُ مَن لَّوۡ يَشَآءُ ٱللَّهُ أَطۡعَمَهُۥٓ إِنۡ
أَنتُمۡ إِلَّا فِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٖ (٤٧) وَيَقُولُونَ مَتَىٰ هَٰذَا ٱلۡوَعۡدُ إِن كُنتُمۡ
صَٰدِقِينَ (٤٨) مَا يَنظُرُونَ إِلَّا صَيۡحَةٗ وَٰحِدَةٗ تَأۡخُذُهُمۡ وَهُمۡ
يَخِصِّمُونَ (٤٩) فَلَا يَسۡتَطِيعُونَ تَوۡصِيَةٗ وَلَآ إِلَىٰٓ أَهۡلِهِمۡ
يَرۡجِعُونَ (٥٠) وَنُفِخَ فِي ٱلصُّورِ فَإِذَا هُم مِّنَ ٱلۡأَجۡدَاثِ إِلَىٰ رَبِّهِمۡ
يَنسِلُونَ (٥١) قَالُواْ يَٰوَيۡلَنَا مَنۢ بَعَثَنَا مِن مَّرۡقَدِنَاۜۗ هَٰذَا مَا وَعَدَ
ٱلرَّحۡمَٰنُ وَصَدَقَ ٱلۡمُرۡسَلُونَ (٥٢) إِن كَانَتۡ إِلَّا صَيۡحَةٗ
وَٰحِدَةٗ فَإِذَا هُمۡ جَمِيعٞ لَّدَيۡنَا مُحۡضَرُونَ (٥٣) فَٱلۡيَوۡمَ لَا تُظۡلَمُ
نَفۡسٞ شَيۡـٔٗا وَلَا تُجۡزَوۡنَ إِلَّا مَا كُنتُمۡ تَعۡمَلُونَ (٥٤)

سكتة لطيفة على الألف

㊶ Akkasuma tokkummaa Rabbii irratti isaanii mallattoofi gabroota isaa irrattis qanani'uudha: yeroo Nuuh keessa doonii uumamaan guutamte keessatti ilmaan Aadam irraa warra bishaan Xuufaanaatiin nyaatamuu irraa nagaya bahe baadhachuun isaaniif mallattoodha. Akaakuu hunda irraa qindii Rabbiin doonii yaabbachiise.

㊷ Dooniilee kan Nuuh fakkaattu isaaniif uumuun tokkummaa Rabbii irratti isaaniif mallattoofi gabroota isaa irrattis qanani'uudha.

㊸ Odoo bishaaniin nyaatamuu isaanii feenee isaan balleesina turre. Yoo isaan baleessuu barbaanne birmataan isaanii birmatu hin jiru. Ajajaafi murtii keenyaan yeroo bishaaniin nyaataman kan isaan baraaru hin jiru.

㊹ Yoo nuti bishaaniin nyaatamuu irraa isaan baraarreefi deebifne malee kan isaan baraaru hin jiru. Hanga yeroo murtaawe kan isaan bira hin darbineetti akka isaan qanani'aniif bishaaniin nyaatamuu irraa nagaya isaan goone. Kunis akka isaan xiinxalanii sababa saniin amananiif.

㊺ Mushrikoota iimaana irraa garagale kanaan yeroo jedhame: rakkoo aakhiraa irraa waan irra dhufuuf jirtan sodaadhaa, Rabbiin rahmata isinii godhuun ni kajeelama. Addunyaa deemtu eeggadhaa yeroo isaaniin jedhame, odoo yaada itti hin kennine irraa garagalan malee jala hin butaman.

㊻ Mushrikoota didan kanatti mallattoon tokkummaa Rabbii irratti qajeelchitu, kan ibaadaan isa tokkicha gadhuu haqa godhatuu argisiiftu yeroo dhufte hunda, odoo yaada itti hin kennine irraa garagaloo tahu.

㊼ Warra didu kanaan: dhaboofi harka qalleeyyii qabeenya Rabbiin isinii kenne irraa gargaaraa, yeroo isaaniin jedhame, didanii boonuun mu'uminootaan jedhu: Nama Rabbiin odoo isa nyaachisuu barbaadee nyaachisu nyaachifnaa?! Lakkii nuti fedhii Rabbii hin faallessinu. Yaa mu'uminoota! Isin dogongora ifa ta'eefi dhugaa irraa fagoo keessa jirtu.

㊽ Kaafiroonni kaafamuu morman kijibsiisoofi wanta sammuu namaa irraa fagoo tahutti lakkaa'uun akkana jedhu: Yaa Mu'uminoota! Yoo jecha jettan keessatti dhugaa dhubbatoo taatan kaafamuun kun yoomi?

㊾ Isaan kaafamuu sobsiisan kun afuuffii xurumbaa kan jalqabaa malee waan biraa hin eegan. Odoo isaan hojii isaanii kan addunyaa kan akka bittaa, gurgurtaa, horii obaasuu, beeylada tiksuufi hojiilee addunyaa irraa kan biroo faa keessa jiranuu afuuffaan xurumbaa isaanitti dhufuuf jirti.

㊿ Yeroo afuuffiin sun dagaggamatti isaanitti dhufte gariin isaanii garitti dhaammachuu hin dandayan. Gara manaafi maatii isaanittiis deebi'uu hin dandayan. Oduma hojii isaanii kana keessa jiranii dhuman.

(51) Afuuffiin xurumbaa yeroo lammaffaa kaafamuuf ni afuufama. Yeroo kana isaan hunduu qormaataafi mindaaf awwaala isaanii irraa gara Rabbii isaaniitti saffisaan bahu. (52) Kaafirtoonni kaafamuu sobsiisan kun sheena'uu irraa kan ka'e: Yaa hoongoo keenya! Eenyumaatu awwaala keenya irraa nu kaase?! Jedhu. Achumaan gaaffii isaaniitiif deebiin kennama: Kun wanta Rabbiin beellama godhe waan ta'eef argamuu irraa hafa hin qabu. ergamoonni waan Gooftaa isaanii irraa geessan keessatti dhugaa dhubbataniiru. (53) Waa'een awwaala irraa kaafamuu dhiibbaa xurumbaa afuufuu irraa malee hin argamne. Yeroo kana uumamni hunduu qormaataaf guyyaa Qiyaamaa nu bira fidamoodha. (54) Guyyaa sana keessa murtiin haqaan waan ta'uuf Yaa gabroota! Hamtuu teessan isitti dabaluufi yookiin toltuu teessan isin duraa hirdhisuun homaa hin miidhamtan. Wanti mindeeffamtan waanuma jiruu addunyaa keessatti hojjachuu turtaniidha.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Akkaataa Rabbiin gabroota isaa ittiin tajaajilu irraa: fuulduree isaanitti mallattoolee waan diiniifi addunyaa isaanii keessatti isaan fayyadu irratti isaan qajeelchu isaaniif godhe.
- Rabbiin gabroota isaatiif mijjeessee dandeettii irraas waan ajaja hojjatuufi dhorgaa irraa fagaatuu irratti wanta dandda'aniin isaaniif kennee waan jiruuf, yeroo waan itti ajajaman dhiisan filannoo isaaniitiin argame.
- Guyyaa Qiyaamaa keessatti Rahmata Rabbii irraa waan qalbii isaanii keessa hin dhufintu warra iimaanaatiif mul'atuuf jira.

إِنَّ أَصْحَٰبَ ٱلْجَنَّةِ ٱلْيَوْمَ فِى شُغُلٍ فَٰكِهُونَ ٥٥ هُمْ وَأَزْوَٰجُهُمْ
فِى ظِلَٰلٍ عَلَى ٱلْأَرَآئِكِ مُتَّكِـُٔونَ ٥٦ لَهُمْ فِيهَا فَٰكِهَةٌ
وَلَهُم مَّا يَدَّعُونَ ٥٧ سَلَٰمٌ قَوْلًا مِّن رَّبٍّ رَّحِيمٍ ٥٨ وَٱمْتَٰزُوا۟
ٱلْيَوْمَ أَيُّهَا ٱلْمُجْرِمُونَ ٥٩ ۞ أَلَمْ أَعْهَدْ إِلَيْكُمْ يَٰبَنِىٓ ءَادَمَ
أَن لَّا تَعْبُدُوا۟ ٱلشَّيْطَٰنَ ۖ إِنَّهُۥ لَكُمْ عَدُوٌّ مُّبِينٌ ٦٠ وَأَنِ
ٱعْبُدُونِى ۚ هَٰذَا صِرَٰطٌ مُّسْتَقِيمٌ ٦١ وَلَقَدْ أَضَلَّ مِنكُمْ
جِبِلًّا كَثِيرًا ۖ أَفَلَمْ تَكُونُوا۟ تَعْقِلُونَ ٦٢ هَٰذِهِۦ جَهَنَّمُ ٱلَّتِى
كُنتُمْ تُوعَدُونَ ٦٣ ٱصْلَوْهَا ٱلْيَوْمَ بِمَا كُنتُمْ تَكْفُرُونَ ٦٤
ٱلْيَوْمَ نَخْتِمُ عَلَىٰٓ أَفْوَٰهِهِمْ وَتُكَلِّمُنَآ أَيْدِيهِمْ وَتَشْهَدُ أَرْجُلُهُم
بِمَا كَانُوا۟ يَكْسِبُونَ ٦٥ وَلَوْ نَشَآءُ لَطَمَسْنَا عَلَىٰٓ أَعْيُنِهِمْ
فَٱسْتَبَقُوا۟ ٱلصِّرَٰطَ فَأَنَّىٰ يُبْصِرُونَ ٦٦ وَلَوْ نَشَآءُ لَمَسَخْنَٰهُمْ
عَلَىٰ مَكَانَتِهِمْ فَمَا ٱسْتَطَٰعُوا۟ مُضِيًّا وَلَا يَرْجِعُونَ
٦٧ وَمَن نُّعَمِّرْهُ نُنَكِّسْهُ فِى ٱلْخَلْقِ ۖ أَفَلَا يَعْقِلُونَ ٦٨
وَمَا عَلَّمْنَٰهُ ٱلشِّعْرَ وَمَا يَنۢبَغِى لَهُۥٓ ۚ إِنْ هُوَ إِلَّا ذِكْرٌ وَقُرْءَانٌ مُّبِينٌ
٦٩ لِّيُنذِرَ مَن كَانَ حَيًّا وَيَحِقَّ ٱلْقَوْلُ عَلَى ٱلْكَٰفِرِينَ ٧٠

۞ الحِزْب ٤٥

(55) Dhugumatti Guyyaa Qiyaamaa warri jannataa waan biraa keessa xiinxaluu irraa hojiin qabamoodha. Sababni isaas godhii itti fufaa ta'eefi milkii guddaa waan arganiif saniin gammadu.

(56) Isaaniifi niitooleen isaaniis siree irratti bahuun gaaddisa jannataa jalatti qanani'u.

(57) Jannata kana keessatti gosti fuduraalee bareedduun tan inabaa, tiiniifi rummaana irraa taate isaaniif taatuudha. Qananiifi akaakuu kennaa irraa wanti isaan barbaadan hundi isaaniif argamaadha.

(58) Qananii kana gubbaan nageenyi Rabbii rahmata qabu irrraa isaaniif tahaadha. Yeroo inni isaan irratti salaammate nageenyi kallattii hundaan isaaniif argamtii. Kabajaan kabajaa caaltus isaaniif argamti.

(59) Guyyaa Qiyaamaa Mushrikootaan ni jedhama: mu'uminoota irraa kophatti bahaa. Mindaan keessan mindaa isaanii irraa adda waan ta'eefi amalootni keessanis kan isaanii irraa faallaa waan at'eef isaan isinii waliin tahuun isaaniin hin malu.

(60) Arraba ergamoota kiyyaa irratti isin ajajuun akkana isiniin hin jennee? Yaa Ilmaan Aadam! Gosoota kufriifi yakkaa raawwatuun ajaja sheeyxaanaa hin godhinaa. Dhugumatti Sheeyxaanni isiniif diina diinummaan isaa ifa galaadha. Nama sammuu qabuuf diina diinummaan isaa irraa mul'atte akkamitti ajaja godha?!

(61) Yaa ilmaan Aadam! Odoo anatti homaa hin qixxeessine, anuma qofa Gabbarutti isin ajajeera. Anuma qofa gabbartanii ajaja kiyya godhuutu karaa sirrii jaalala kiyyaafi jannata geessutti isin geessa. Garuu isin wantaan isinii dhaameefi itti isin ajaje jala hin butamne.

(62) Dhugumatti Sheeyxaanni isin irraa uumama hedduu jallise waan ta'eef sammuun ibaadaa Rabbii keessanii qofatti isin ajajjee Sheeyxaana diina keessan ta'e ajaja godhuu irraa isin dhorgitu isiniif hin taanee?

(63) Isheen kun Jahannam addunyaa keessatti kafaruu keessan iratti waadaa godhamtaniidha. Gaafas isin irraa fagoo turte. Har'a immoo ija keessaniin argaa jirtu.

(64) Jireenya keessan kan addunyaa keessatti sababa Rabbitti kafartaniif har'a ishee seenaa ho'a ishiis dhandhamaa.

(65) Har'a waan kufriifi yakka adda addaa irra turan mormaniif afaan isaanii cufuun afaanii hidhamoo ta'u. Wanta addunyaa keessatti hojjatte harki isaanii nuttii dubbatti. Miilli isaaniis yakka hojjataniifi kan gara ishee deeman ragaa baati.

(66) Odoo argaa isaanii deemsisuu feene ishee irraa oofna waan ta'eef arguu hin dandayan. Kanaafuu Siraax irraan gara jannataatti achi darbuuf yeroo waldorgoman waan argaan isaanii deemteef achi darbuun fagoodha.

(67) Odoo uumama isaanii jijjiiruufi miila isaanii irratti isaan teeysisuu barbaannee uumaa isaanii jijjiirruun, miila isaanii irratti isaan teeysifna. Sana booda iddoo isaanii irraa deemuu hindayan; fuula dura achi deemuus ta'ee of booda deebi'uus hin dandayan.

(68) Namoota irraa nama jireenya isaa keessatti umrii isa dheereessuun gara laafinaatti isa deebifnuutu jira, sammuu isaaniitiin xxinxalanii biyyi kun biyya keessatti hafanii miti, biyyi itti fufa qabdu biyya Aakhiraa qofa ta'uu hi xinxalanii.

(69) Mohammad nuti isa walaloo hin barsiifne. Uumama isaatiifi amalli isaatiis isa hin murteessitu waan ta'eef, sun isaaf hin fakkaatus. Inni wallisaadha jechuun keessanis sirrii miti. Wanti nuti isa barsiifne nama isa xinxaleef Zikriifi Qur'aana ifa galaadha.

(70) Nama sanaatu isatti fayyadama waan ta'eef akka nama jiraataa qalbii kan ijji keessaa iftu dinaniifnuuf jecha kennineef. Ammas kaafirtoota irratti adabbiin akka mirkanaa'uuf. Sababni isaas Qur'aana buusuufi waamichi isaas isaanitti gayuudhaan waan ragaan isaan irratti dhaabbateef sababni dhiyeeffatan tokkoyyuu isaaniif hin hafne.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Jiraattoonni Jannataa waan lubbuun gara isaa jaallattuufi ijjis itti qananiitu kan namni hawwu hundaan gammachiifamoodha.
- Namni qalbii qabu isumaatu Qur'aanan qulqullaa'a, beekumsaafi hojiis isumaatu dabalata.
- Humnoonni namaa guyyaa Qiyaamaa nama irratti ragaa baatuudha.

أَوَلَمۡ يَرَوۡاْ أَنَّا خَلَقۡنَا لَهُم مِّمَّا عَمِلَتۡ أَيۡدِينَآ أَنۡعَٰمٗا فَهُمۡ لَهَا
مَٰلِكُونَ ٧١ وَذَلَّلۡنَٰهَا لَهُمۡ فَمِنۡهَا رَكُوبُهُمۡ وَمِنۡهَا يَأۡكُلُونَ
٧٢ وَلَهُمۡ فِيهَا مَنَٰفِعُ وَمَشَارِبُۚ أَفَلَا يَشۡكُرُونَ ٧٣ وَٱتَّخَذُواْ
مِن دُونِ ٱللَّهِ ءَالِهَةٗ لَّعَلَّهُمۡ يُنصَرُونَ ٧٤ لَا يَسۡتَطِيعُونَ
نَصۡرَهُمۡ وَهُمۡ لَهُمۡ جُندٞ مُّحۡضَرُونَ ٧٥ فَلَا يَحۡزُنكَ قَوۡلُهُمۡۘ
إِنَّا نَعۡلَمُ مَا يُسِرُّونَ وَمَا يُعۡلِنُونَ ٧٦ أَوَلَمۡ يَرَ ٱلۡإِنسَٰنُ أَنَّا
خَلَقۡنَٰهُ مِن نُّطۡفَةٖ فَإِذَا هُوَ خَصِيمٞ مُّبِينٞ ٧٧ وَضَرَبَ لَنَا
مَثَلٗا وَنَسِيَ خَلۡقَهُۥۖ قَالَ مَن يُحۡيِ ٱلۡعِظَٰمَ وَهِيَ رَمِيمٞ ٧٨
قُلۡ يُحۡيِيهَا ٱلَّذِيٓ أَنشَأَهَآ أَوَّلَ مَرَّةٖۖ وَهُوَ بِكُلِّ خَلۡقٍ عَلِيمٌ
٧٩ ٱلَّذِي جَعَلَ لَكُم مِّنَ ٱلشَّجَرِ ٱلۡأَخۡضَرِ نَارٗا فَإِذَآ أَنتُم
مِّنۡهُ تُوقِدُونَ ٨٠ أَوَلَيۡسَ ٱلَّذِي خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضَ
بِقَٰدِرٍ عَلَىٰٓ أَن يَخۡلُقَ مِثۡلَهُمۚ بَلَىٰ وَهُوَ ٱلۡخَلَّٰقُ ٱلۡعَلِيمُ ٨١
إِنَّمَآ أَمۡرُهُۥٓ إِذَآ أَرَادَ شَيۡـًٔا أَن يَقُولَ لَهُۥ كُن فَيَكُونُ ٨٢
فَسُبۡحَٰنَ ٱلَّذِي بِيَدِهِۦ مَلَكُوتُ كُلِّ شَيۡءٖ وَإِلَيۡهِ تُرۡجَعُونَ ٨٣

ترتيبها ٣٧ سُورَةُ الصَّافَّاتِ آياتها ١٨٢

(71) Sila nuti beyladoota isaaniif uumnaan isaan bu’aa beyladota sanii qabaatoo ta’uu isaanii laalanii hin arganii? Wanta bu’aan isaanii murteessite ittiin hojjatan.

(72) Isaaniif laaffifnee tan ajaja isaanii jala butamtuuf gooneef waan ta’eef dugda garii ishee yaabbatuufi ba’aa isaaniis itti fi’atuun itti fayyadamu. Foon garii isheetiis ni nyaatu.

(73) Ammas dugda ishee yaabbatuufi foon ishee irrraa nyaachuu qofa odoo hin taane, bu’aan biroos ishee keessatti isaaniif tahaadha. Fakkeenyaaf buukii hoolaa, rifeensa dugda gaalaa, rifeensa re’eetiifi maallaqa ishee faadha. Kana malees ishee irraa afataafi uffatas ni hojjatatu. Ammas isaaniif ishee keessati aanan ishee irraa waan dhuganiif dhugaatiin isaaniif taatuudha. Si Rabbii godhii kana hunda isaan irratti tola oole hin galateeffatanii?!

(74) Mushrikoonni nuuf tumsitee addabbii Rabbii jalaa nu baraarti kajeeluuf Rabbii gadiitti gabbaramtoota ishee gabbaran godhatan.

(75) Gabbaramtoonni godhatan sun ofii tumsuufi namoota Rabbii gaditti isaan gabbaraniifis tumsuu hin dandayan. Isaaniifi taaboonni isaanii kuun kaan irraa qulqullaa’oo tahanii hundi isaanii adabbii keesa fidamoodha.

(76) Yaa Ergamichaa! Jechi isaanii kan ati ergamaa miti yookiin ati wallisaadha jedhuufi soba isaanii irra kan biroos si hin yaaddessin. Wantoota san irraa waan isaan dhoksaniifi mul’isanis ni beekna, wanti tokkolleen nurraa hin dhokatu. Isa irratti isaan minddesuuf jirra.

(77) Si ilmi namaa du’uu booda kaafamuu kan mormu sun, nuti bishaan irraa isa uumnee wal duraa duubaan hanga dhalatee guddatutti, yeroon adda addaa isaa irra darbinaan kan muggutiifi falmii heddummaatu ta’uu hin xinxallee? Si wanti kun kaafamuun argamu irratti isa qajeelcha waan ta’eef hin ilaallee?!

(78) Kaafirtichi kun yeroo lafee dhumteen akka ka’uun hin taane irratti qajeeluun eenyuutu nu deebisa jedhu, dagatee wallaaleera. Ammas dhabama irraa isa uumuun irraa fagaateera.

(79) Yaa Muhamad! Isaaniif akkana jechuun deebisi: isa yeroo jalqabaa uumeetu lafee dhumtuu tana jiraachisa waan ta’ef isa yeroo jalqaba uume jireenya lammaffatti deebisuun isaa hin dadhabsiisu. Rabbiin waan hunda beekaa waan ta’ef homaatuu isa irraa hin dhokatu.

(80) Yaa namootaa! Inni muka jiidhaa irraa ibidda boobeeffattan isiniif uume. Kanaafuu inni faallaa lamaan jiidha muka magariisaatiifi ibidda qabsiifamtuu taate walitti qabe, du’aa jiraachisu irratti dandayaadha.

(81) Si inni samiifi dachii guddin isaan qaban waliin uume erga ajjeesee du’aa kaasuu irratti dandayaa mitii? Eeyyen inni irratti dandyaadha. Ammas inni isa uumama hunda uume kan ishee beeku waan ta’eef ishee irraa wanti tokkolleen isa hin dhokatu.

(82) Waa’een Rabbiifi ajajni isaa inni yeroo wanta tokko argamsiisuu fedhe argami jedhaan. Achumaan wanti inni fedhu sun argama. Wanta inni akkas gudhuun keessaa, du’aa kaasuu, ajjeesuufi kan biroos tahaadha.

(83) Dadhbbii mushrikoonni gara isaatti hirkisu irraa Rabbiin qulqullaa’e. Inni isa aangoon wanta hundaa harkaa isaa jiru waan ta’eef waan fedhe isheetti hojjata. Ammaas furtuun waan hundaa harka isaatti, aakiraatti gara isaa qofa deebifamtu waan ta’eef hojii keessan irratti isin minddeessa.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Tola Rabbiin ilma namaatti oole irraa: beeylada isaaniif laaffisuufi bu’aa adda addaatiin isaan tajaajiluudha.
- Ragaaleen sammuu kan guyyaa Qiyaamaa irratti qajeelchan lafa guutuu waliin Mushrikoonni irraa gara galaniiru.
- Beekomsi Rabbii uumama hundaan akkaataafi yeroo hunda keessati marsaa ta’uun sifaata Rabbii irraayi. Inni qaamota warra du’anii irraa waan dacheen hir’iftuufi waan hafu ni beeka. Wanta miira namaa irraa fagaateefi dhihoo ta’es ni beeka.

BOQONNAA ASSAAFFAAT

- Makkatti buute -

Kaayyoo Suurattii:
wanta Mushrikoonni gara Rabbiitti hirkisu irraa isa qulqulleesuudha. Maleykotaafi jinnii kessatti waan isaan jedhan balleesuudha.

Ibsa suurattii:
① Rabbiin maleykota ibaadaa keessatti hiriira sirri ta’e galaniin kakate. ② Ammas maleykota duumeessaan loluun bakka Rabbiin itti buusuu fedhetti duumeessa ooftuun kakate. ③ Ammas maleykota dubbii Rabbii qara’aniin kakate. ④ Yaa namootaa! Dhugaan gabbaramaan keessan tokkicha shariika hin qabne isa Allaaha ta’e saniidha. ⑤ Rabbii samiifi dachee, Rabbii waan jidduu isaan lamaaniiti. Rabbii biiftuu bahaafi lixa ishee keessa waggaa guutuu jirtuuti. ⑥ Dhugumatti nuti samii gara dacheetti gadi dhihaattu faaya bareedaan ni miidhegsine. Isheen urjiilee yeroo ilaalan faaya ifu fakkaataniidha. ⑦ Samii addunyaa shayxaana ajaja Rabbii irraa fincile hunda irraa urjii itti darbachuun ni tiksine. ⑧ Shayxaanonni kun maleykota samii keessaa yeroo isaan wanta Rabbiin isaanitti wahyii godhu kan akka sharii’as ta’ee qadaraa dubbatan dhagayuu hin danda’an. Kallattii hunda irraa qaanqeen darbatamu. ⑨ Sababni isaas gara isaanii dhageeffatuu irraa isaan fageessuufi. Aakiratti adaba laalessaa addaan hin cinneetu isaaniif jira. ⑩ Sheyxaanota irraa kan yeroo tokko jecha bute malee ni ari’amu. Isheen jecha ishee beekuun jiraattota dachii bira odoo hin gayin maleykonni walitti haasawan kan jidduu issanii naannoftuudha. Achumaan qaanqeen ibsu isa hordifuun guba. Yeroo tokko tokko odoo qaanqeen hin gubatin dura gara obboleewwan isaatti darbuun jechi sun gara raagdutti gaya. Ishee waliin soba dhibba guutanii sobu. ⑪ Yaa Muhammad! Kaafiroota kaafamuu morman wanta kana gaafadhu: si isaantu samii, dacheefi maleykota jabina uumaafi cimina qaamaa keessatti, akkasumas guddina humnaatti irra caaloo dhaa? Dhugumatti dhoqqee namatti maxxanu irraa isaan uumne waan ta’ef uumama laafaa dhoqqee namatti qabatu irraa uumamuu waliin akkamitti kaafamuu mormu? ⑫ Yaa Muhammad! Waa’ee dandeettiifi uumama isaa tajaajiluu Rabbii irraa dinqisiifatteetta. Ammas mushrikoonni kaafamuu sobsiisuu irraayis dinqisiifatteetta. Mushrikoonni kun kaafamuu sobsiisuun isaanii cimaa ta’uu irraa kan ka’e waa’ee kaafamuu ati haasoftu irraa ni qishnu. ⑬ Mushrikoonni kun yeroo gorsa ta’een gorfaman itti hin fayyadaman. Sababni isas gogina qalbii waan qabaniif jecha. ⑭ Mallattolee dhuggummaa Nabiyyichaa irratti nama qajeelchitu irraa maallattoo takka yoo argan baacoofi ishee irraa diqisifachuu keessatti daangaa ga’u. ⑮ Wanti Muhammad dhufeen kun sihrii if galaa ta’e malee waan biroo miti jedhu. ⑯ Yeroo duunee biyyeefi lafee dhumtuu taane jiraatoo taanee sana booda kaafamnaa? Dhugumatti kun sammuu namaa irraa fagoodha. ⑰ Si abboonni keenya kan dur du’an sun ni kaafamuu? ⑱ Yaa Muhammad! Isaaniif deebisaa ta’ii jedhi: Eeyyeen erga biyyeefi lafee dhumtuu taatan booda kaafamtu. Abboonni keessan kan dur du’an sunis ni kaafamu. Isin hunduu salphatoofi xinnaatoo taatanii kaafamtu. ⑲ Kaafamuun keessan sun xurumbaa keessa afuufuu yeroo lammaffaa qofatu argama. Yeruma san isaan hunduu waan Rabbiin isaanitti hojjatuuf jiru eegoo ta’anii gara rakkina guyyaa qiyyaamaa ilaalu. ⑳ Mushrikoonni kaafamuu sobsiisan ni jedhu: yaa badii teenya! Kun guyyaa mindaa kan Rabbiin gabroota isaa hojii isaan addunyaa keessatti dabarfatan irratti minddeessuudha. ㉑ Yeroo kana isaaniin ni jadhama: guyyaan kun guyyaa jidduu gabrootaa murtiin kennamu kan isin addunyaa keessatti mormuufi sobsiisuu turtaniidha. ㉒ Guyyaa san keessa Maleykotaan ni jedhama: mushrikoota shirkii isaaniitiin lubbuu isaanii miidhaniifi warra shirkii hojjatuu keessatti fakkaatais walitti qabaa. ㉓ Ammas wantoota isaan Rabbii gaditti gabbaruu turanis walitti qabaa karaa ibiddaa isaanitti beeksisaa. Ishee irratti isaan qajeelchaa gara ishee isaan dhoofaa. ㉔ Odoo ibidda hin geessine dura qormaataaf dhaabaa. Isaan gaafatmaniiti sana booda gara ibiddaa oofamu.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu: ● Samii addunyaa urjiileen bareechuun bu’aa hedduufi. Ishii keessaa: miidhagina argamsiisuufi shayxaana darbamaa ta’e irraa tiksuudha. ● Siraax mirkaneessu; inni riqicha gubbaa jahannam diriirfame kan warrii jannataa isa gubbaa darban kan faanti warra ibiddaa isattii mucucaattuudha.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

وَٱلصَّٰٓفَّٰتِ صَفّٗا (١) فَٱلزَّٰجِرَٰتِ زَجۡرٗا (٢) فَٱلتَّٰلِيَٰتِ ذِكۡرًا (٣) إِنَّ
إِلَٰهَكُمۡ لَوَٰحِدٞ (٤) رَّبُّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَمَا بَيۡنَهُمَا وَرَبُّ
ٱلۡمَشَٰرِقِ (٥) إِنَّا زَيَّنَّا ٱلسَّمَآءَ ٱلدُّنۡيَا بِزِينَةٍ ٱلۡكَوَاكِبِ (٦) وَحِفۡظٗا
مِّن كُلِّ شَيۡطَٰنٖ مَّارِدٖ (٧) لَّا يَسَّمَّعُونَ إِلَى ٱلۡمَلَإِ ٱلۡأَعۡلَىٰ وَيُقۡذَفُونَ
مِن كُلِّ جَانِبٖ (٨) دُحُورٗاۖ وَلَهُمۡ عَذَابٞ وَاصِبٌ (٩) إِلَّا مَنۡ خَطِفَ
ٱلۡخَطۡفَةَ فَأَتۡبَعَهُۥ شِهَابٞ ثَاقِبٞ (١٠) فَٱسۡتَفۡتِهِمۡ أَهُمۡ أَشَدُّ خَلۡقًا أَم
مَّنۡ خَلَقۡنَآۚ إِنَّا خَلَقۡنَٰهُم مِّن طِينٖ لَّازِبِۭ (١١) بَلۡ عَجِبۡتَ وَيَسۡخَرُونَ
(١٢) وَإِذَا ذُكِّرُواْ لَا يَذۡكُرُونَ (١٣) وَإِذَا رَأَوۡاْ ءَايَةٗ يَسۡتَسۡخِرُونَ (١٤)
وَقَالُوٓاْ إِنۡ هَٰذَآ إِلَّا سِحۡرٞ مُّبِينٌ (١٥) أَءِذَا مِتۡنَا وَكُنَّا تُرَابٗا وَعِظَٰمًا
أَءِنَّا لَمَبۡعُوثُونَ (١٦) أَوَءَابَآؤُنَا ٱلۡأَوَّلُونَ (١٧) قُلۡ نَعَمۡ وَأَنتُمۡ دَٰخِرُونَ
(١٨) فَإِنَّمَا هِيَ زَجۡرَةٞ وَٰحِدَةٞ فَإِذَا هُمۡ يَنظُرُونَ (١٩) وَقَالُواْ يَٰوَيۡلَنَا
هَٰذَا يَوۡمُ ٱلدِّينِ (٢٠) هَٰذَا يَوۡمُ ٱلۡفَصۡلِ ٱلَّذِي كُنتُم بِهِۦ تُكَذِّبُونَ (٢١)
نصف الحزب ٤٥ ۞ ٱحۡشُرُواْ ٱلَّذِينَ ظَلَمُواْ وَأَزۡوَٰجَهُمۡ وَمَا كَانُواْ يَعۡبُدُونَ (٢٢) مِن دُونِ
ٱللَّهِ فَٱهۡدُوهُمۡ إِلَىٰ صِرَٰطِ ٱلۡجَحِيمِ (٢٣) وَقِفُوهُمۡۖ إِنَّهُم مَّسۡـُٔولُونَ (٢٤)

مَا لَكُمْ لَا تَنَاصَرُونَ ٢٥ بَلْ هُمُ ٱلْيَوْمَ مُسْتَسْلِمُونَ ٢٦ وَأَقْبَلَ بَعْضُهُمْ
عَلَىٰ بَعْضٍ يَتَسَآءَلُونَ ٢٧ قَالُوٓاْ إِنَّكُمْ كُنتُمْ تَأْتُونَنَا عَنِ ٱلْيَمِينِ ٢٨
قَالُواْ بَل لَّمْ تَكُونُواْ مُؤْمِنِينَ ٢٩ وَمَا كَانَ لَنَا عَلَيْكُم مِّن سُلْطَٰنٍۭ
بَلْ كُنتُمْ قَوْمًا طَٰغِينَ ٣٠ فَحَقَّ عَلَيْنَا قَوْلُ رَبِّنَآ إِنَّا لَذَآئِقُونَ ٣١
فَأَغْوَيْنَٰكُمْ إِنَّا كُنَّا غَٰوِينَ ٣٢ فَإِنَّهُمْ يَوْمَئِذٍ فِى ٱلْعَذَابِ مُشْتَرِكُونَ
٣٣ إِنَّا كَذَٰلِكَ نَفْعَلُ بِٱلْمُجْرِمِينَ ٣٤ إِنَّهُمْ كَانُوٓاْ إِذَا قِيلَ لَهُمْ
لَآ إِلَٰهَ إِلَّا ٱللَّهُ يَسْتَكْبِرُونَ ٣٥ وَيَقُولُونَ أَئِنَّا لَتَارِكُوٓاْ ءَالِهَتِنَا
لِشَاعِرٍ مَّجْنُونٍۭ ٣٦ بَلْ جَآءَ بِٱلْحَقِّ وَصَدَّقَ ٱلْمُرْسَلِينَ ٣٧ إِنَّكُمْ
لَذَآئِقُواْ ٱلْعَذَابِ ٱلْأَلِيمِ ٣٨ وَمَا تُجْزَوْنَ إِلَّا مَا كُنتُمْ تَعْمَلُونَ
٣٩ إِلَّا عِبَادَ ٱللَّهِ ٱلْمُخْلَصِينَ ٤٠ أُوْلَٰٓئِكَ لَهُمْ رِزْقٌ مَّعْلُومٌ ٤١
فَوَٰكِهُ وَهُم مُّكْرَمُونَ ٤٢ فِى جَنَّٰتِ ٱلنَّعِيمِ ٤٣ عَلَىٰ سُرُرٍ مُّتَقَٰبِلِينَ
٤٤ يُطَافُ عَلَيْهِم بِكَأْسٍ مِّن مَّعِينٍۭ ٤٥ بَيْضَآءَ لَذَّةٍ لِّلشَّٰرِبِينَ
٤٦ لَا فِيهَا غَوْلٌ وَلَا هُمْ عَنْهَا يُنزَفُونَ ٤٧ وَعِندَهُمْ قَٰصِرَٰتُ
ٱلطَّرْفِ عِينٌ ٤٨ كَأَنَّهُنَّ بَيْضٌ مَّكْنُونٌ ٤٩ فَأَقْبَلَ بَعْضُهُمْ عَلَىٰ
بَعْضٍ يَتَسَآءَلُونَ ٥٠ قَالَ قَآئِلٌ مِّنْهُمْ إِنِّى كَانَ لِى قَرِينٌ ٥١

㉕ Mushrikootaan ni jedhama: Akka addunyaa keessatti waliif tumsitanii, taabonni keenyaas nuuf tumsiti jechuu turtan sanitti gariin keessan maaliif gariif hin tumsine? ㉖ Isaan har’a ajaja Rabbittiif salphatoodha. Waan dadhabanii malli issa hakaa xinnaatef gariin isaanii gariif hin tumsu. ㉗ Yeroo komiifi wal loluun hin fayyanne keessa gariin isaanii garii komatuufi loluun walitti garagalu. ㉘ Hordoftoonni hordofamtootaan ni jedhu: yaa matootii keenya! Dhugumatti isin kallattii amantiifi haqaatiin nutti dhufuudhaan kufrii, shirkiifi yakkas nuuf miidhegsitanii dhugaa ergamoonni Rabbiin biraa nutti fidde irraa nu baqachiisuu turtan. ㉙ Hordofamtoonni hordoftootaan ni jedhu: dubbiin akka isin jeettanii miti; kufrii irra turtaniit mu’uminoota ta’uu dhabdan. Inumaa mormitoota turtan.

㉚ Yaa hordoftoota! Aangoofi humna kufrii, shirkiifi yakka hojjatuu keessa isiniin galchinu hin qabnu. Dhugumatti ofumaaf ummata kufriifi jallina keessatti daangaa darboo taatan. ㉛ Nuufi isin irraatti sodaachifni Rabbii: “Rabbitti kakadhe! Jahannam siifi isaan irraa namoota si hordofan hundaaniin guuta”kan jedhu sun mirkanaa’eera. Kanaafuu wanta Rabbiin waadaa nuuf seene hafa hin qabu waan ta’eef dhandhamoodha. ㉜ Nuti jallinaafi kufritti isin waamuun keenya karaa qajeelloo irraa jallanneeti. ㉝ Hordoftootaafi hodofamtoonnis guyyaa Qiyaamaa adaba keessatti waliin jiraatoodha. ㉞ Nuti akkuma isaan kana adaba dhandhamsiisuu itti hojjanne badii raawwattoota biroos itti hojjattoodha. ㉟ Mushrikoonni kun addunyaa keessatti yeroo akka waan isheen irratti qajeelchitutti hojjatanii waan ishee faallessu dhiisaniif : dhugaan gabbaramaan hin jiru jedhameen dhugaa irrraa boonuufi of tuulummaa irraa kan ka’e waan saniif deebii kennuufi gad godhatuu didan. ㊱ Kufrii isaanii irratti ragaa dhiheeffatuuf ni jedhu: jecha gurbaa wallisaa maraataata’eetiif dhiifnaa? Jecha kana Ergamaa Rabbitti fedhu. ㊲ Dhugumatti soba guddisan. Ergamaan Rabbii wallisaafi maraatas miti. Dhugumatti Qur’aana gara tokkichummaa Rabbiifi Ergamaa hordofutti nama waamuun dhufe. Ammas ergamoota waan tokkollee keessatti odoo hin faallessin tohiidaafi kaafamuu mirkaneessuu irraa waan isaan Rabbiin biraa dhufaniin keessatti dhugoomse. ㊳ Isin yaa mushrikoota saba kafaruufi ergamoota kijibsiiftaniif adaba laalessaa guyyaa Qiyaamaa dhandhamoodha. ㊴ Yaa mushrikootaa! Rabbitti kafaruufi yakka raawwachuu addunyaa keessatti hojjataa turtan sana malee wanta biroo hin mindeeffamtan. ㊵ Garuu gabroottan Rabbii mu’uminoota kan inni ibaadaa isaatiif qulqulleessee isaanis ibaadaa isaaf qulqulleessan adabbii kana jalaa nagaa bahoodha. ㊶ Garboottai isaaf qulqulluun kana kennaan Rabbiin isaaniif kennu beekamaan isaaniif ta’aadha. ㊷ Kennaa kana irraa asheetaa qulqulluu gosa isaan nyaataniifi fedhan irraa taateedha. Kana gubbaan sadarkaa isaaniif ol fuudhuufi gara fuula Rabbii laaluun kabajamoodha. ㊸ Kennaa sana hunda jannata qananii itti fuffaa ta’ee kan irraa hin dhaanne keessattiidha. ㊹ Siree irratti hirkataniit fuula walitti garagaluun gariin isaanii garii ilaalu. ㊺ Geeba daadhii qulqullina keessa akka bishaan yaa’uu fakkaattuun isaan irra naanna’ama. ㊻ Kan halluu adii namni ishee dhuge mi’aa guutuu taate argatu. ㊼ Akka farsoo addunyaa machiin sammuu namaa oofufi dhukkubbiin matas hin argamu. Nama ishee dhugu qaamaafi sammuun isaa nagaya.

㊽ Ammas jannata keessa dubartoota tikfamoo ijji isaanii gara dhiirsa isaaniitti malee hin illaalle kan ija baredantu isaan bira jira.

㊾ Isaan addeenya halluu isaan kan daalachoominaan wal makate keessatti hanqaaquu allaattii tikfamaa harki namaa hin tuqin fakkaatu.

㊿ Gariin warra jannataa waan darbeefi kan addunyaa keessatti isaan mudate wal gaggaafachuuf garitti gara gala.

(51) Mu’uminoota kana irraa namni tokko ni jedha:Ani addunyaa keessatti hiriyyaa kaafamuu mormuu qaba.

❁ Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Sababni kaafiroonni adabamuuf shikiifi yakka.
- Qananiin warra jannataa gariin garii waliin walitti qabamuudh. Kuun fuullee kaanii taa’uudha. Kun guutuu ta’uu gammachuu irraayi.

يَقُولُ أَءِنَّكَ لَمِنَ ٱلْمُصَدِّقِينَ (٥٢) أَءِذَا مِتْنَا وَكُنَّا تُرَابًا وَعِظَٰمًا أَءِنَّا
لَمَدِينُونَ (٥٣) قَالَ هَلْ أَنتُم مُّطَّلِعُونَ (٥٤) فَٱطَّلَعَ فَرَءَاهُ فِى سَوَآءِ
ٱلْجَحِيمِ (٥٥) قَالَ تَٱللَّهِ إِن كِدتَّ لَتُرْدِينِ (٥٦) وَلَوْلَا نِعْمَةُ رَبِّى
لَكُنتُ مِنَ ٱلْمُحْضَرِينَ (٥٧) أَفَمَا نَحْنُ بِمَيِّتِينَ (٥٨) إِلَّا مَوْتَتَنَا
ٱلْأُولَىٰ وَمَا نَحْنُ بِمُعَذَّبِينَ (٥٩) إِنَّ هَٰذَا لَهُوَ ٱلْفَوْزُ ٱلْعَظِيمُ (٦٠)
لِمِثْلِ هَٰذَا فَلْيَعْمَلِ ٱلْعَٰمِلُونَ (٦١) أَذَٰلِكَ خَيْرٌ نُّزُلًا أَمْ شَجَرَةُ
ٱلزَّقُّومِ (٦٢) إِنَّا جَعَلْنَٰهَا فِتْنَةً لِّلظَّٰلِمِينَ (٦٣) إِنَّهَا شَجَرَةٌ
تَخْرُجُ فِىٓ أَصْلِ ٱلْجَحِيمِ (٦٤) طَلْعُهَا كَأَنَّهُۥ رُءُوسُ ٱلشَّيَٰطِينِ
(٦٥) فَإِنَّهُمْ لَءَاكِلُونَ مِنْهَا فَمَالِـُٔونَ مِنْهَا ٱلْبُطُونَ (٦٦) ثُمَّ إِنَّ لَهُمْ
عَلَيْهَا لَشَوْبًا مِّنْ حَمِيمٍ (٦٧) ثُمَّ إِنَّ مَرْجِعَهُمْ لَإِلَى ٱلْجَحِيمِ (٦٨)
إِنَّهُمْ أَلْفَوْا۟ ءَابَآءَهُمْ ضَآلِّينَ (٦٩) فَهُمْ عَلَىٰٓ ءَاثَٰرِهِمْ يُهْرَعُونَ (٧٠)
وَلَقَدْ ضَلَّ قَبْلَهُمْ أَكْثَرُ ٱلْأَوَّلِينَ (٧١) وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا فِيهِم
مُّنذِرِينَ (٧٢) فَٱنظُرْ كَيْفَ كَانَ عَٰقِبَةُ ٱلْمُنذَرِينَ (٧٣)
إِلَّا عِبَادَ ٱللَّهِ ٱلْمُخْلَصِينَ (٧٤) وَلَقَدْ نَادَىٰنَا نُوحٌ فَلَنِعْمَ
ٱلْمُجِيبُونَ (٧٥) وَنَجَّيْنَٰهُ وَأَهْلَهُۥ مِنَ ٱلْكَرْبِ ٱلْعَظِيمِ (٧٦)

(52) Moramee baacuuf: yaa hiriyyaa kankoo ati namni du'ee kaafamuu warra dhugoomse irraayyii? Anaan jedha. (53) Si nuti duunee biyyeefi lafee dhumte erga taane kaafamuun wanta addunyaa irratti hojjachaa turre mindeeffamnaa? (54) Hiriyyaan isaa kan mu'umonaa hiriyoota isaa waarra jannataatiin ni jedha: booddee hiriyyaa kiyya isa addunyyaa irratti kaafamuu moramuu ture maal akka ta'e laallaa anaa waliin barbaadaa?(55) Achumaan inni hiriyyaa isaa walakkaa Jahannam keessatti arga. (56) Yaa hiriyyaa! Rabbitti kakadhe! Gara kufriifi kaafamuu mormuutti ana waamuu keettin ibidda na galchuun ana balleessuuf kaate. (57) Odoo Rabbiin iimaanatti ana qajeelchuun tola anatti ooluu baatee silaa akkuma keettiin warra gara adabbii fidamu irraa ta; aan ture. Namtichi yeroo hiriyyaa isaa kan ibiddaa waliin haassaa isaa xumuru gara hiriyoota isaa kan jannataa dubbisutti deebi'ee akkana jedhe:

(58) Nuti warri jannataa du'oo miti. (59) Du'a keenya kan duraan addunyaa keessatti duune malee hin duunu. Baraa nuti jannata keessatti hafoodha. Akka kaafiroonni adabamu sanittis hin adbamnu. (60) Dhugumatti jannata seenuu, ishee keessa jiraatuufi ibidda irraa nagaa bahuun Rabbiin keenya galata nuuf galche kun milkii guddaa kan isatti qixxaa'u hin jirreedha. (61) Mindaa guddaa kana fakkaattuuf hojjattoonni dalaguun dirqama. Inni kun daldala bu'a qabeessa. (62) Si sadarkaafi kabajatti qananii dubbatame kan Rabbiin gabroottan isaa warra ibaadaa isaatiif qulqulleesseef qopheessetu caala moo muka Zaqquum jedhamtu kan Qur'aana keessaatti abaaramte tan nyaata kaafirootaa kan nama hin gabbifneefi beela nama irraa hin deebifne ta'e santu caala? (63) Nuti muka kana mokkora miidhaa raawwattoonni ittiin mokkoramu goone. Yeroo ibiddi muka nyaattii waan ta'eef mukni ibidda keessaan marguun hin mijjaa'u jedhan mokkora goone. (64) Mukni Zaqquum margi nishee fokkataa kan walakkaa qilee Jahannamiin marguudha. (65) Firiin muka sana irraa bahu laaluun isaa nama jibbisiisa. Inni mataa shayxaanotaa fakkaata. Ilaaluun isaa nama jibbisiisuun himuun isaas nama jibbisiisu irratti mallattoodha. Kana jechuun midhaa ishee dhandhamaan fokkataadha jechuudha. (66) Kaafiroonni midhaan ishee hadhaa'aa fokkataa irraa nyaatanyuun garaa isaanii duwwaa san guutoodha. (67) Ammas ishee nyaatuu booda dhugaatii makaa fokkataa hoo'aa ta'etu isaanif jira. (68) Ergasii deebiin isaanii gara adaba Jahiim wanta ta'eef adaba irraa gara adbaa siqu.

(69) Dhugumatti kaafiroonni kun abboota isaanii karaa qajeelloo irraa jallatoo arganiiti ragaa qabatanii odoo hin taane isaanuma qbqtuun jala deeman.

(70) Isaan jallina keessatti faana abboota isaanii saffisaan hordofoodha.

(71) Dhugumatti isaan kana duras irra hedduun warra dur jallatan waan ta'eef yaa Ergamaa ummattoota keessaa kan dura jallate ummata kee miti.

(72) Ummata dur san keessa ergamoota adabbii isan sodaachisu erginaan itti kafaran.

(73) Yaa Ergamichaa! Booddeen ummattoota ergamoonni isaan dinniinnaan fudhatuu didanii sun akka taate laali; sababa kafaranii ergamoota isaanii sobsiisaniif booddeen isaanii keessaatti hafuu taate.

(74) Garuu warra Rabbiin isatti amanuuf qopheesse adaba kaafirtoonni seenu irrraa nagaa tahoodha.

(75) Dhugumatti Nabiyyichi keenya Nuuh yeroo ummata isa kijibsiisan abaaru nu kadhate. Abaarsa isaan abaare saffisaan qaballeef waan ta'eef nuti kan isaaf owwaanne tolleera.

(76) Isa maatiifi mu'uminoota isaa waliin jiran rakkina ummata isaatiifi bishaan Xuufaana guddaa kaafiroota gosa isaatti ergame saniin nyaatamuu irraa nagaya baafne.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Qananii jannataa argachuun milkii guddaadha. Warri hojjatan kennaa guddoo akkanaatiif hojjatuutu barbaachisa.
- Nyaanni warra ibiddaa Zaqquum firii hadhooftuu dhandhamaafi fooliin isaa nama jibbisiisu kan liqimsuun jabaatu kan nyaatuun isaa nama laalessuudha.
- Rabbiin ummata isaa balleessuu Nuuh kadhate owwaateef. Rabbiin hamilamaan namaaf owwaatu waa tole.

وَجَعَلۡنَا ذُرِّيَّتَهُۥ هُمُ ٱلۡبَاقِينَ ٧٧ وَتَرَكۡنَا عَلَيۡهِ فِي ٱلۡأٓخِرِينَ ٧٨ سَلَٰمٌ
عَلَىٰ نُوحٖ فِي ٱلۡعَٰلَمِينَ ٧٩ إِنَّا كَذَٰلِكَ نَجۡزِي ٱلۡمُحۡسِنِينَ ٨٠ إِنَّهُۥ
مِنۡ عِبَادِنَا ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ٨١ ثُمَّ أَغۡرَقۡنَا ٱلۡأٓخَرِينَ ٨٢ ۞ وَإِنَّ مِن
شِيعَتِهِۦ لَإِبۡرَٰهِيمَ ٨٣ إِذۡ جَآءَ رَبَّهُۥ بِقَلۡبٖ سَلِيمٍ ٨٤ إِذۡ قَالَ
لِأَبِيهِ وَقَوۡمِهِۦ مَاذَا تَعۡبُدُونَ ٨٥ أَئِفۡكًا ءَالِهَةٗ دُونَ ٱللَّهِ تُرِيدُونَ
٨٦ فَمَا ظَنُّكُم بِرَبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ٨٧ فَنَظَرَ نَظۡرَةٗ فِي ٱلنُّجُومِ ٨٨
فَقَالَ إِنِّي سَقِيمٞ ٨٩ فَتَوَلَّوۡاْ عَنۡهُ مُدۡبِرِينَ ٩٠ فَرَاغَ إِلَىٰٓ ءَالِهَتِهِمۡ
فَقَالَ أَلَا تَأۡكُلُونَ ٩١ مَا لَكُمۡ لَا تَنطِقُونَ ٩٢ فَرَاغَ عَلَيۡهِمۡ ضَرۡبَۢا
بِٱلۡيَمِينِ ٩٣ فَأَقۡبَلُوٓاْ إِلَيۡهِ يَزِفُّونَ ٩٤ قَالَ أَتَعۡبُدُونَ مَا تَنۡحِتُونَ
٩٥ وَٱللَّهُ خَلَقَكُمۡ وَمَا تَعۡمَلُونَ ٩٦ قَالُواْ ٱبۡنُواْ لَهُۥ بُنۡيَٰنٗا فَأَلۡقُوهُ
فِي ٱلۡجَحِيمِ ٩٧ فَأَرَادُواْ بِهِۦ كَيۡدٗا فَجَعَلۡنَٰهُمُ ٱلۡأَسۡفَلِينَ ٩٨
وَقَالَ إِنِّي ذَاهِبٌ إِلَىٰ رَبِّي سَيَهۡدِينِ ٩٩ رَبِّ هَبۡ لِي مِنَ ٱلصَّٰلِحِينَ
١٠٠ فَبَشَّرۡنَٰهُ بِغُلَٰمٍ حَلِيمٖ ١٠١ فَلَمَّا بَلَغَ مَعَهُ ٱلسَّعۡيَ قَالَ يَٰبُنَيَّ
إِنِّيٓ أَرَىٰ فِي ٱلۡمَنَامِ أَنِّيٓ أَذۡبَحُكَ فَٱنظُرۡ مَاذَا تَرَىٰۚ قَالَ يَٰٓأَبَتِ
ٱفۡعَلۡ مَا تُؤۡمَرُۖ سَتَجِدُنِيٓ إِن شَآءَ ٱللَّهُ مِنَ ٱلصَّٰبِرِينَ ١٠٢

ثلاثة أرباع الحزب ٤٥

(77) Maatiifi hordoftoota isaa mu'uminoota qofa nagaa baafne. Kaafiroota ummata isaa irraa ta'e bishaan nyaachifne. (78) Ummata booda dhufan keessatti gaariin isa dubbachuu ni gooneef.
(79) Ummata boodaa keessatti hamtuun isa keessatti dubbatamuu irraa nageenyi Nuuhiif tahaadha. Inumaa toltuufi gaariin dubbatamuun itti fufaaf.
(80) Dhugumatti galata akka Nuuhiif kenninee warra ibaadaafi ajaja Rabbii godhuun toltuu hojjatan galata galchina. (81) Dhugumatti Nuuh gabroota keenya mu'uminoota ibaada Rabbii dalagan irraayi.
(82) Ergasii warra hafan Xuufaana isaan irratti ergineen odoo namni tokko isaan irraa hin hafin balleessine. (83) Dhugumatti Ibraahiim warra amantii isaa hordofe kan tawhiidatti waamuu keessatti isa hordofan irraayi. (84) Yeroo qalbii shirkii irraa nagaya taateen uumama isaaf gaarii yaadaa Rabbii isaa qunname yaadadhu. (85) Yeroo abbaafi ummata isaa mushrikootaan lolee: wanti isin Rabbii gaditti gabbartan maali? Jedhe yaadadhu. (86) Gooftoolee kijibsiifamtuu Rabbii gaditti gabbartanii?(87) Yaa ummata koo! Gooftaa aalamaa odoo isaa gaditti wanta biroo gabbartanuu gaaf qunnamtan yaanni keessan maali? Maal isinitti hojjatuuf jira jettanii yaaddu?
(88) Ibraahiim tooftaa ittiin ummata isaa waliin bahuu irraa hafuun yaaddatee urjii keessa yeroo takka laale. (89) Ummata isaa waliin gara ayyaana isaanii bahuu diddaaf sababa dhiheeffatuuf: ani dhukkubsataadha. (90) Isa of duubatti dhiisanii deeman.
(91) Achumaan gara gabbaramtoota isaanii kan Rabbii gaditti gabbaranii maqee Rabboota isaaniitti akkana jechuun qishnaa itti godhe: Nyaata mushrikoonni isinii godhan irraa hin nyaattanii?
(92) Maaliif dubbattanii nama gaafii isin gaafateef hin deebifne? wanti akkanaa Rabbii gaditti ni gabbaramtii? (93) Achumaan Ibraahiim harka isaa kan mirgaattiin dhawee isaan caccabsuutti gore. (94) Gabbartoonni taabota kanaa saffisaan gara isaa dhufan. (95) Ibraahiimis ciminaan isaan dura dhaabbatee isaaniin lolee akkana jedhe: taabota ofumaa harka keessaniin tolfattan Rabbii gaditti gabbartani? (96) Rabbiin isiniifi hujii keessaniis ni uume. Taabonni kunis hojii keessan irraayi waan ta'eef odoo isatti homaa hin qindeessine gabbaramuu isaatu haqa godhata. (97) Yeroo falmiin deebisuu dadhaban gara humnaa deebi'anii waan Ibraahiimitti hojjatan keessatti wal mari'atuuf akkana jedhan: jaarmaya isaaf ijaaraa qoraan itti guutaa, ibidda itti qabsiisaa. Ergasii isa achi keessatti darbaa jedhan. (98) Ummanni Ibraahiim isa balleessuun boqotuu barbaannaan ibidda iqabbanaafi nagaya saaf goone hoonga'oo isaan taasifne. (99) Ibraahiim nijedhe: ani akka ibaadaa isaa anaa mijjeessuuf biyya ummata kiyyaa dhiiseen gara Rabbii kiyyaa godaana. Wanta toltuun addunyaafi aakhiraa keessa anaaf jirtu tti Gooftaan kiyya ana qajeelcha. (100) Yaa Rabbiin ilma gaarii gargaarsaafi ummata kiyya irraa bakka bu'aa naaf ta'u naaf kenni jennaan, (101) Yeroo ilma guddatee obsa qabaataa ta'uun ilma isaa Ismaa'iiliin isa gammachiifne kadhaa isaa owwaanneefii wanta isa gammachiisu isaaf himne.
(102) Yeroo Ismaa'iil guddatee deemsi isaa deemsa abbaa dhaqqabe abbaan isaa Ibraahiim abjuu arge. Abjuun nabiyyootaa wahyiidha. Ibraahiim ergaa abjuu ilma isaa Ismaa'iiliif himuun akkana jedhe: yaa ilma kiyya! Hirriiba keessattiin anaa si qalu arge waan ta'eef mala barbaadi jennaan Ismaa'iil abbaa isaatiif akkana jedhee deebiseef: ana qaluu irraa waan Rabbiin itti si ajaje hojjadhu. Fuul-dura warra obsee murtii Rabbii jaallatu irraa ta'uu kiyya argita.

۞ **Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:**

- Nuuhiifi namoonni isatti amane nagaya godhee ilmaan isaa hundee dhala namaa isaan godhuun, dubbi bareedaafi faaruu gaarii lafa irratti hanbisuun tola Rabbiin Nuuh irratti ooleedha.
- Hujii gabrootaa Rabbiitu uuma gabrichi immoo filannoo isaatiin hojjata.
- Akka qajeelfamaafi tartiiba keeyyattoota kanaatti inni qalame sun Ismaa'iil ta'uu argisiisa. Sababni isas kan jalqaba gammachiifameen Ismaa'iili. Is-haaq immoo Ismaa'iil booda gammachiifameeni.
- Ismaa'iil: "fuul-dura yoo Rabbiin fedhe obsitoota irraa ta'uu kiyya argita"jechuun sun waan amrii Rabbitti deebiseef sababa Rabbiin obsa isaa kenneef ta'e.

فَلَمَّآ أَسۡلَمَا وَتَلَّهُۥ لِلۡجَبِينِ ١٠٣ وَنَٰدَيۡنَٰهُ أَن يَٰٓإِبۡرَٰهِيمُ ١٠٤
قَدۡ صَدَّقۡتَ ٱلرُّءۡيَآۚ إِنَّا كَذَٰلِكَ نَجۡزِي ٱلۡمُحۡسِنِينَ ١٠٥ إِنَّ
هَٰذَا لَهُوَ ٱلۡبَلَٰٓؤُاْ ٱلۡمُبِينُ ١٠٦ وَفَدَيۡنَٰهُ بِذِبۡحٍ عَظِيمٖ ١٠٧ وَتَرَكۡنَا
عَلَيۡهِ فِي ٱلۡأٓخِرِينَ ١٠٨ سَلَٰمٌ عَلَىٰٓ إِبۡرَٰهِيمَ ١٠٩ كَذَٰلِكَ نَجۡزِي
ٱلۡمُحۡسِنِينَ ١١٠ إِنَّهُۥ مِنۡ عِبَادِنَا ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ١١١ وَبَشَّرۡنَٰهُ
بِإِسۡحَٰقَ نَبِيّٗا مِّنَ ٱلصَّٰلِحِينَ ١١٢ وَبَٰرَكۡنَا عَلَيۡهِ وَعَلَىٰٓ إِسۡحَٰقَۚ
وَمِن ذُرِّيَّتِهِمَا مُحۡسِنٞ وَظَالِمٞ لِّنَفۡسِهِۦ مُبِينٞ ١١٣ وَلَقَدۡ مَنَنَّا
عَلَىٰ مُوسَىٰ وَهَٰرُونَ ١١٤ وَنَجَّيۡنَٰهُمَا وَقَوۡمَهُمَا مِنَ ٱلۡكَرۡبِ
ٱلۡعَظِيمِ ١١٥ وَنَصَرۡنَٰهُمۡ فَكَانُواْ هُمُ ٱلۡغَٰلِبِينَ ١١٦ وَءَاتَيۡنَٰهُمَا
ٱلۡكِتَٰبَ ٱلۡمُسۡتَبِينَ ١١٧ وَهَدَيۡنَٰهُمَا ٱلصِّرَٰطَ ٱلۡمُسۡتَقِيمَ
١١٨ وَتَرَكۡنَا عَلَيۡهِمَا فِي ٱلۡأٓخِرِينَ ١١٩ سَلَٰمٌ عَلَىٰ مُوسَىٰ
وَهَٰرُونَ ١٢٠ إِنَّا كَذَٰلِكَ نَجۡزِي ٱلۡمُحۡسِنِينَ ١٢١ إِنَّهُمَا
مِنۡ عِبَادِنَا ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ١٢٢ وَإِنَّ إِلۡيَاسَ لَمِنَ ٱلۡمُرۡسَلِينَ ١٢٣
إِذۡ قَالَ لِقَوۡمِهِۦٓ أَلَا تَتَّقُونَ ١٢٤ أَتَدۡعُونَ بَعۡلٗا وَتَذَرُونَ أَحۡسَنَ
ٱلۡخَٰلِقِينَ ١٢٥ ٱللَّهَ رَبَّكُمۡ وَرَبَّ ءَابَآئِكُمُ ٱلۡأَوَّلِينَ ١٢٦

(103) Yeroo isaan lamaan Rabbiif gadi godhatuun akka qalinsa Rabbiin itti ajaje bakkaan ga'uuf Ibraahiim ilma isaa fuula isaa irratti ciibse.

(104) Ibraahiim odoo ajaja Rabbiin ilma isaa akka qalu itti ajaje geggeysaa jiruu: yaa Ibraahiim! jechuun itti lallabne.

(105) Dhugumatti abjuu hirriiba kee keessatti argite san ilma kee qaluu irratti muratuun mirkaneessitee jirta. Nuti akkuma rakkina guddaa kana keessaa nagaa si baasuun galata siif galchine warra toltuu hojjatanis rakkoo cimaa duraa baasuun galata galchinaaf.

(106) Inni kun mokkora ifa galaa Ibraahiim keessatti qormaata darbeedha.

(107) Ismaa'iil hoolaa guddaa bakka isaa qalamuun nagaa baafne.

(108) Ummata boodaa keessatti Ibraahiimif faaruu bareedaa hanbifne.

(109) Kabajaa Rabbirraa isaaf taateefi rakkina hunda duraa nagaa bahuu isaaf kadhatuudha.

(110) Akkuma Ibraahiimif ibaadaa isaa irratti galata kana galchine warra toltuu dalaganiifis galata galchina.

(111) Dhugumatti Ibraahiim gabroota keenya kan mu'uminoota ta'an warra Rabbiif gabroomuun waan isaan irraa barbaadde guutaniidha.

(112) Ilma isaa tokkicha qaluu keessatti ajaja Rabbii godhuu irratti isaa galata galchhuuf Ilma biroo kan nabiyyiifi gabricha gaarii Is-haaq jedhamuun isa gammachiifne.

(113) Isaafi ilma isaa Is-haaq irratti barakaa nu biraa taate buusuun tola itti baay'ifne. Sana keessaa ilmoo isaan lamaanii heddummeessuu faadha. Ilmaan isaan lamaanii irraa kan ajaja Rabbii godhuun toltuu hojjatus ni jira. Isaan irraa kan kufriifi yakka hojjachuun miidhaa ifa galaa ta'e lubbuu isaa miidhuus jira.

(114) Dhugumatti Musaafi obboleessa isaa Haaruun irratti tola oolle.

(115) Isaan lamaaniifi ummata isaanii Banii Israa'iil Fir'awn isaan gabroomfatuufi bishaniin fixuu irras nagaa goone.

(116) Fir'awnaafi waraana isaa irratti waan isaanii tumsineef injifannoon diina isaanii irratti isaa niif taate.

(117) Musaafi obboleessa isaa Haaruun kitaaba ifa galaa Tawraat ni kennineef.

(118) Gara karaa sirrii daba hin qabneetti isaan lamaan ni qajeejchine. Inni sun karaa amantii Islaamaa kan jaalala Rabbitti nama geessuudha.

(119) Ummata boodaa keessatti faaruu gaariifi yaadannoo bareedaa isaaniif ni dhiifne.

(120) Kabajaa bareedduu Rabbiin biraa isaaniif taate, isaan lamaan faarsuufi waan jibbamu hunda jalaa nagaa bahuu isaaniif kadhatuuf.

(121) Nuti akkuma Muusaafi Haaruun mindaa bareedaa kana galata galchine warra ibaadaa Rabbii godhuun gaarii hojjatan galata galchina.

(122) Dhugumatti Muusaafi Haaruun gabroota keenya kan Rabbitti amananii waan Rabbiin isaanii karaa godhe irrayi.

(123) Ilyaas warra Rabbii isaanii irraa ergaman irraayi. Nabiyyummaafi ergatuun Rabbiin isaan irratti tola oole.

(124) Yeroo ummata isaa Banii Israa'iiliin: yaa ummata koo! Ajaja isaa hordofuufi dhorgaa isaa irraa fagaatuun Rabbiin hin sodaattanii?!

(125) Ibaadaa Rabbii irra gaarii warra uumanii ta'ee dhiiftaniiti Rabbii gaditti taabota Ba'al jedhamu gabbartanii?!

(126) Rabbiin isumatu Gooftaa keessan kan isiniifi abboota keessan kan isin duras uume waan ta'eef taabota homaa hin fayyanne odoo hin tahin isumaatu ibaadaa haqa godhataadha.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Jechi: Yeroo Rabbiif gadi godhatan jedhu Ibraahiimiifi Ismaa'iil sirritti harka kennuu garsiisa.
- Garboota gabrummaa namaa jalaa baasuun kaayyoo sharii'aa irraayyi.
- Faaruun bareedaaniifi gaariin dubbatamuun tola addunyaa keessatti namaaf jarjarfamuudha.

فَكَذَّبُوهُ فَإِنَّهُمْ لَمُحْضَرُونَ ١٢٧ إِلَّا عِبَادَ ٱللَّهِ ٱلْمُخْلَصِينَ ١٢٨
وَتَرَكْنَا عَلَيْهِ فِي ٱلْـَٔاخِرِينَ ١٢٩ سَلَٰمٌ عَلَىٰٓ إِلْ يَاسِينَ ١٣٠ إِنَّا
كَذَٰلِكَ نَجْزِي ٱلْمُحْسِنِينَ ١٣١ إِنَّهُۥ مِنْ عِبَادِنَا ٱلْمُؤْمِنِينَ
١٣٢ وَإِنَّ لُوطًا لَّمِنَ ٱلْمُرْسَلِينَ ١٣٣ إِذْ نَجَّيْنَٰهُ وَأَهْلَهُۥٓ أَجْمَعِينَ
١٣٤ إِلَّا عَجُوزًا فِي ٱلْغَٰبِرِينَ ١٣٥ ثُمَّ دَمَّرْنَا ٱلْـَٔاخَرِينَ ١٣٦ وَإِنَّكُمْ
لَتَمُرُّونَ عَلَيْهِم مُّصْبِحِينَ ١٣٧ وَبِٱلَّيْلِ أَفَلَا تَعْقِلُونَ ١٣٨ وَإِنَّ
يُونُسَ لَمِنَ ٱلْمُرْسَلِينَ ١٣٩ إِذْ أَبَقَ إِلَى ٱلْفُلْكِ ٱلْمَشْحُونِ ١٤٠
فَسَاهَمَ فَكَانَ مِنَ ٱلْمُدْحَضِينَ ١٤١ فَٱلْتَقَمَهُ ٱلْحُوتُ وَهُوَ مُلِيمٌ
١٤٢ فَلَوْلَآ أَنَّهُۥ كَانَ مِنَ ٱلْمُسَبِّحِينَ ١٤٣ لَلَبِثَ فِي بَطْنِهِۦٓ إِلَىٰ يَوْمِ
يُبْعَثُونَ ١٤٤ ۞ فَنَبَذْنَٰهُ بِٱلْعَرَآءِ وَهُوَ سَقِيمٌ ١٤٥ وَأَنۢبَتْنَا
عَلَيْهِ شَجَرَةً مِّن يَقْطِينٍ ١٤٦ وَأَرْسَلْنَٰهُ إِلَىٰ مِاْئَةِ أَلْفٍ أَوْ
يَزِيدُونَ ١٤٧ فَـَٔامَنُوا۟ فَمَتَّعْنَٰهُمْ إِلَىٰ حِينٍ ١٤٨ فَٱسْتَفْتِهِمْ
أَلِرَبِّكَ ٱلْبَنَاتُ وَلَهُمُ ٱلْبَنُونَ ١٤٩ أَمْ خَلَقْنَا ٱلْمَلَٰٓئِكَةَ إِنَٰثًا
وَهُمْ شَٰهِدُونَ ١٥٠ أَلَآ إِنَّهُم مِّنْ إِفْكِهِمْ لَيَقُولُونَ ١٥١ وَلَدَ
ٱللَّهُ وَإِنَّهُمْ لَكَٰذِبُونَ ١٥٢ أَصْطَفَى ٱلْبَنَاتِ عَلَى ٱلْبَنِينَ ١٥٣

الحزب ٤٦

(127) Ummata isaa irraa isa sobsiisuu malee wanti biroo hin argamne. Sababa isaan kijibsiisuutif adabbii keessa fidamoodha. (128) Ummata isaa irraa nama mu'umina ibaadaa isaa keessatti qulqulleessaa ta'e malee. Inni gara adabaa fidamuu irraa nagaa bahaadha. (129) Faaruu bareedaafi gaariin dubbatamuu ummata boodaa keessatti ni gooneef. (130) Kabajaafi faaruu Rabbirraa Ilyaas irratti ta'aniidha. (131) Nuti akkuma Ilyaasiif mindaa bareedaa kana kennine gabroota keenya mu'uminoota irraa warra ta'eef galata galchina. (132) Dhugumatti Ilyaas gabroota keenya kan mu'uminoota tahan kan Rabbitti amanuu isaanii keessatti dhugaa himaniidha. (133) Luuxis ergamoota Rabbiin gara ummata isaanii gammachiisoofi dinniinoo godhee erge irraayi. (134) Yeroo isaafi maatii isaa hunda adabbii ummata isaatti ergame irraa nagaa baafne yaadadhu. (135) Niitii isaa malee. Isheen dubartii adabbiin ummata ishee waan akkuma isaaniitti kafarteef itti maseedha. (136) Ummata isaa irraa warra sobsiisanii waan isaan dhufaniin hin dhugoomsin hafan ni balleessine. (137) Yaa jiraattota Makkaa! Dhugumatti yeroo ganamaa imala gara Shaam keessatti iddoo jireenya isaanii irra dabartu. (138) Akkasuma halkanis isaan irra ni dabartu waan ta'eef sammuu hin qabdanii? Sobsiisuu, itti kafaruufi hamtuu namni isaan dura itti hin hirmaatin raawwatuun amriin isaanii waan itti ga'e laaluun hin gorfamtanii?!
(139) Dhugumatti gabrichi keenya Yuunus ergamoota Rabbii kan gammachiisoofi akeekkachiisoo ta'anii ergaman irraayi.
(140) Yeroo ummata isaa irraa hayyama Rabbii malee dheessee doonii imaltootaafi meeshaan guutamte yaabbate. (141) Dooniin waan guutamteef bishaaniin nyaatamuuf kaanaan imaltoonni dhuma sodaatanii garii of irraa darbuuf carraa kaafnaan Yuunus injifatamtoota irraa ta'ee galanatti of irraa darban.
(142) Yeroo galaanatti darban achumaan waan inni hayyama Rabbii isaa malee gara galaanaa waan deemeef odoo komatamaa ta'ee jiruu qurxummiin fuutee liqimsite.
(143) Yuunus waan isa mudate kana dura odoo warra hedduu Rabbiin yaadatu irraa ta'uufi garaa qurxummii keessattis Rabbiin qulqulleessuu baatee,
(144) Awwaala isaa ta'uun hanga guyyaa Qiyaammaatti garaa qurxummii keessa taa'a ture.
(145) Waan garaa qurxummii keessa yeroo dheeraa tureef odoo qaamni isaa laafee jiruu garaa qurxummii keessaa gara lafa mukaafi jaarmaya irraa duwwaatti isa darbine.
(146) Lafa duwwaa itti darbine sanitti muka buqqee ittiin gaaddiseeffatee irras nyaatu ni magarsineef.
(147) Gara ummata isaa kan lakkofsaan kuma dhibba ta'an inumaa kan caalaniitti isa ergine.
(148) Waan inni dhufeen amananii dhugoomsinaan hanga yeroon isaanii murtaa'e dhumutti jiruu addunyaa keessatti Rabbiin isaan qananiise.
(149) Yaa Muhammad! Mushrikoota gaafii mormii gaafadhu: dubartoota ofii jibbitan Rabbiif gootanii, dhiira jaallattan ofiif godhattanii?! Himaanni akkanaa kun maaluma?!
(150) Odoo uumuu isaanii bira jiraatanii irratti hin hirmaatin akkamiin maleykonni dubara jedhan?
(151) Dhagayaa! Mushrikoonni Rabbirratti soba uumuu irraa kan ka'e,
(152) Ilma isaaf moggaasu; jecha isaanii kana keessatti isaan kijiboodha.
(153) Si Rabbiin dubara isin jibbitan san irra dhiira isin jaallattan irra filatee? Lakkii.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Aadaan Rabbii kan hin jijjiiramne mu'uminoota nagaya godhee kaafiroota balleessuudha.
- Akka wanti ummata birootti bu'e isaanitti hin buune booddee warra ergamoota kijibsiiseetiin gorfamuun dirqama.
- Sababa Rabbiin: "carraa buufatee warra injifatame irraa ta'e " jedheef sharii'uma keessatti carraa kaasuun ni hayyamama.

مَا لَكُمْ كَيْفَ تَحْكُمُونَ ١٥٤ أَفَلَا تَذَكَّرُونَ ١٥٥ أَمْ لَكُمْ سُلْطَٰنٌ مُّبِينٌ ١٥٦
فَأْتُوا۟ بِكِتَٰبِكُمْ إِن كُنتُمْ صَٰدِقِينَ ١٥٧ وَجَعَلُوا۟ بَيْنَهُۥ وَبَيْنَ ٱلْجِنَّةِ
نَسَبًا ۚ وَلَقَدْ عَلِمَتِ ٱلْجِنَّةُ إِنَّهُمْ لَمُحْضَرُونَ ١٥٨ سُبْحَٰنَ ٱللَّهِ عَمَّا
يَصِفُونَ ١٥٩ إِلَّا عِبَادَ ٱللَّهِ ٱلْمُخْلَصِينَ ١٦٠ فَإِنَّكُمْ وَمَا تَعْبُدُونَ ١٦١
مَآ أَنتُمْ عَلَيْهِ بِفَٰتِنِينَ ١٦٢ إِلَّا مَنْ هُوَ صَالِ ٱلْجَحِيمِ ١٦٣ وَمَا مِنَّآ إِلَّا
لَهُۥ مَقَامٌ مَّعْلُومٌ ١٦٤ وَإِنَّا لَنَحْنُ ٱلصَّآفُّونَ ١٦٥ وَإِنَّا لَنَحْنُ ٱلْمُسَبِّحُونَ
١٦٦ وَإِن كَانُوا۟ لَيَقُولُونَ ١٦٧ لَوْ أَنَّ عِندَنَا ذِكْرًا مِّنَ ٱلْأَوَّلِينَ ١٦٨ لَكُنَّا
عِبَادَ ٱللَّهِ ٱلْمُخْلَصِينَ ١٦٩ فَكَفَرُوا۟ بِهِۦ ۖ فَسَوْفَ يَعْلَمُونَ ١٧٠ وَلَقَدْ
سَبَقَتْ كَلِمَتُنَا لِعِبَادِنَا ٱلْمُرْسَلِينَ ١٧١ إِنَّهُمْ لَهُمُ ٱلْمَنصُورُونَ ١٧٢
وَإِنَّ جُندَنَا لَهُمُ ٱلْغَٰلِبُونَ ١٧٣ فَتَوَلَّ عَنْهُمْ حَتَّىٰ حِينٍ ١٧٤ وَأَبْصِرْهُمْ
فَسَوْفَ يُبْصِرُونَ ١٧٥ أَفَبِعَذَابِنَا يَسْتَعْجِلُونَ ١٧٦ فَإِذَا نَزَلَ بِسَاحَتِهِمْ
فَسَآءَ صَبَاحُ ٱلْمُنذَرِينَ ١٧٧ وَتَوَلَّ عَنْهُمْ حَتَّىٰ حِينٍ ١٧٨ وَأَبْصِرْ
فَسَوْفَ يُبْصِرُونَ ١٧٩ سُبْحَٰنَ رَبِّكَ رَبِّ ٱلْعِزَّةِ عَمَّا يَصِفُونَ
١٨٠ وَسَلَٰمٌ عَلَى ٱلْمُرْسَلِينَ ١٨١ وَٱلْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ ٱلْعَٰلَمِينَ ١٨٢

ترتيبها ٣٨ سُورَةُ صٓ آياتها ٨٨

(154) Yaa mushrikootaa! Yeroo dubara Rabbiif gootanii dhiira ofiif godhattan maal taatanii murtii jalloo kana murteessitan?! (155) Yaada fokkotaa isin irra jirtan kana dhara ta'uu isaa hin xinxaltanii? Odoo xinxaltanii jecha kana hin jettan ture.

(156) Ragaa mullataa kitaaba irraa yookiin ergamaa itti isiniif jiraa? (157) Wanta jeettan keessatti yoo dhugaa dubbattan waan kana irratti kitaaba keessan kan ragaa baadhatuun kottaa.

(158) Mushrikoonni jidduu Rabbiifi maleykota isaan irraa dhokateetti yeroo maleykonni dubara Rabbiiti jedhan firooma godhaaniiru. Dhugumatti maleykonni akka Rabbiin qormaataaf mushrikoota fiduuf taa'u beekaniiru.

(159) Waan isaan hin malle kan akka ilmoo, shariikaafi wanta biroo kan mushrikoonni isaan ibsu irraa Rabbiin qulqullaa'eera.

(160) Garuu gabroottan Rabbii qulqulluun Rabbiin waan isaan malu sifa guddinaafi guutominaan malee hin ibsan.

(161) Yaa mushrikootaa! Dhugumatti isiniifi wanti isin Rabbii gaditti gabbartan,

(162) Diin Rabbii irraa nama tokkollee jallisoo miti,

(163) Nama Rabbiin warra ibiddaa ta'uu itti murteesse malee. San immoo Rabbiin murtii isaa keessatti geggeessa waan ta'eef kafareetuma ibidda seena. Isiniifi gooftoolee keessan sanirratti dandeettii hin qabdan.

(164) Maleykonni Rabbiif gabra ta'uufi shirkii mushrikoonni jedhan irraa qulqullina ishee himtee akkana jette: nu irraa eenyumtuu ibaadaafi ajaja Rabbii keessatti iddoon beekamaan isaaf jiraatu malee hin hafu.

(165) (166) Nuti maleykonni ibaadaa Rabbii keessatti hiriiraan dhaabbatoodha. Ammas nuti Rabbiin sifaataafi ibsa isaan hin malle irraa qulqulleessoodha.

(167)-(170) Dhugumatti mushrikoonni warra Makkaa odoo Muhammad hin ergamin dura: odoo kitaabni kitaabota duraa irraa kan akka Tawraat nu bira jiraatee ibaadaa Rabbiif qulqulleessina ture jedhan. Isaan waan san keessatti nisoban waan ta'eef Muhammad Qur'aanaan isaanitti dhufnaan itti kafaran. Fuul-dura adaba cimaa irraa wanta isaan eegaa jiru guyyaa Qiyaamaa beekuuf taa'u.

(171)-(173) Dhugumatti jechi keenya kan namni ishee deebisu hin jirre tan ergamootaan: isaan ragaafi humna Rabbiin tola irratti ooleen diina isaanii irratti tumsamoodha. Ammas injifannoon kan waraana jecha Rabbii ol taasisuuf karaa Rabbii keessatti lolaniifi jenne sun darbeera.

(174) Yaa Ergamichaa! Mushrikoota didoo ta'an kana hanga yeroo Rabbiin beeku kan adabni isaanii dhufuutti irraa garagali.

(175) Yeroo adabni isaanitti bu'u itti laali. Yeroo arguun isaan hin frayyanne arguuf taa'u.

(176) Si mushrikoonni kun adaba Rabbii jarjarfatuu?

(177) yeroo adabni isaanitti bu'e ganamni saanii waa fokkate!

(178) Yaa Ergamichaa! Hanga Rabbiin adabbii isaanitti murteessutti irraa garagali.

(179) Isaan kun adabbii Rabbii irraa waan isaanitti bu'u laaluuf jiran waanta'eef atis ilaali.

(180) Yaa Muhammad! Gooftaan kee inni jabina qabu sifaata hir'inaa kan mushrikoonni isaan ibsan irraa qulqullaa'eera.

(181) Kabajaafi faaruun Rabbii ergamoota isaa kabajamoo irratti haa ta'an.

(182) Faaruun hunduu kan Rabbiiti, isumaatu haqa godhataadha. Inni Gooftaa uumama hundaa kan gooftaan isa malee isaaniif hin jirreedha.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Aadaan Rabbii ergamootaafi warra isaan dhaalu ragaafi injifannoon isaaniif tumsuudha. Keeyyattoota keessa nama waraana Rabbii ta'e, injifataa tumsamaa ta'uun gammachuu guddaatu jira.
- Keeyyattoota keessa mushrikootaafi gabbaramtoonni isaaniis nama tokko jallisuu irraa dadhaboo ta'uu ibsuu irratti ragaatu jira. Gabroota Rabbii qulqulleeffamoo, Rabbiin dandeettii isaatiin jallisuu jallistootaa irraa nagaya baasuun gammachiisuutu jira.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ
صٓۚ وَٱلۡقُرۡءَانِ ذِي ٱلذِّكۡرِ ١ بَلِ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ فِي عِزَّةٖ وَشِقَاقٖ ٢
كَمۡ أَهۡلَكۡنَا مِن قَبۡلِهِم مِّن قَرۡنٖ فَنَادَواْ وَّلَاتَ حِينَ مَنَاصٖ ٣ وَعَجِبُوٓاْ
أَن جَآءَهُم مُّنذِرٞ مِّنۡهُمۡۖ وَقَالَ ٱلۡكَٰفِرُونَ هَٰذَا سَٰحِرٞ كَذَّابٌ ٤
أَجَعَلَ ٱلۡأٓلِهَةَ إِلَٰهٗا وَٰحِدًاۖ إِنَّ هَٰذَا لَشَيۡءٌ عُجَابٞ ٥ وَٱنطَلَقَ ٱلۡمَلَأُ
مِنۡهُمۡ أَنِ ٱمۡشُواْ وَٱصۡبِرُواْ عَلَىٰٓ ءَالِهَتِكُمۡۖ إِنَّ هَٰذَا لَشَيۡءٞ يُرَادُ ٦
مَا سَمِعۡنَا بِهَٰذَا فِي ٱلۡمِلَّةِ ٱلۡأٓخِرَةِ إِنۡ هَٰذَآ إِلَّا ٱخۡتِلَٰقٌ ٧ أَءُنزِلَ
عَلَيۡهِ ٱلذِّكۡرُ مِنۢ بَيۡنِنَاۚ بَلۡ هُمۡ فِي شَكّٖ مِّن ذِكۡرِيۚ بَل لَّمَّا يَذُوقُواْ عَذَابِ
٨ أَمۡ عِندَهُمۡ خَزَآئِنُ رَحۡمَةِ رَبِّكَ ٱلۡعَزِيزِ ٱلۡوَهَّابِ ٩ أَمۡ لَهُم مُّلۡكُ
ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَمَا بَيۡنَهُمَاۖ فَلۡيَرۡتَقُواْ فِي ٱلۡأَسۡبَٰبِ ١٠ جُندٞ
مَّا هُنَالِكَ مَهۡزُومٞ مِّنَ ٱلۡأَحۡزَابِ ١١ كَذَّبَتۡ قَبۡلَهُمۡ قَوۡمُ نُوحٖ
وَعَادٞ وَفِرۡعَوۡنُ ذُو ٱلۡأَوۡتَادِ ١٢ وَثَمُودُ وَقَوۡمُ لُوطٖ وَأَصۡحَٰبُ
لۡـَٔيۡكَةِۚ أُوْلَٰٓئِكَ ٱلۡأَحۡزَابُ ١٣ إِن كُلٌّ إِلَّا كَذَّبَ ٱلرُّسُلَ
فَحَقَّ عِقَابِ ١٤ وَمَا يَنظُرُ هَٰٓؤُلَآءِ إِلَّا صَيۡحَةٗ وَٰحِدَةٗ مَّا لَهَا
مِن فَوَاقٖ ١٥ وَقَالُواْ رَبَّنَا عَجِّل لَّنَا قِطَّنَا قَبۡلَ يَوۡمِ ٱلۡحِسَابِ ١٦

BOQONNAA SAAD

- Makkatti buute -

Kaayyoo Suurattii:

dharaan falmuufi boddeen isaa maal akka tahe dubbatuudha.

Ibsa suurattii:

① (Saad) qubee cicittuu fakkii ishee kan jalqaba suuraa Al-Baqaraa irratti dubbiin darbeera. Rabbiin waan Addunyaafi Aakhiraa keessatti nama fayyadu yaadachiisuu irrattii marsaa taheen kakate. Dubbiin akka mushrikoonni Rabbii wajiin shariikonni jiraatuu yaada sanii miti.
② Garuu kaafiroonni Rabbiin tokkichoomsuu irraa haaloofi of tuulummaa keessa jiran. Muhammadii waliinis faallaafi diinummaa keessa jiru.
③ Ummata ergamoota ishee kijibsiifte isaan dura baay’ee balleessine. Yeroo adabni isaanitti bu’u birmachuu barbaadoo ta’anii lallaban. Yeroon immoo yeroo adaba duraa bahuuf birmachuu barbaaduun isaan fayyadu miti.
④ Yeroo ergamaan isaan irraa ta’e kan yoo kufrii isaanii itti fufan adabbii Rabbii isaan akeekkachiisu isaanitti dhufnaan dinqisiifatan. Kaafiroonni yeroo ragaa dhugummaa waan Muhammad dhufeen irratti qajeelchu argan ni jedhan: inni kun gurbaa namatti sihrii godhu, ergamaa Rabbirraa wahyiin itti buutu jedhee wanta himatu keessatti kijibaadha.
⑤ Gooftoolee hedduu tokkicha dhugaan gabbaramaan isa malee hin jirre taasisee?! Hujiin isaa kun dinqii dhumaati.
⑥ Gurguddoon isaanii hordoftoota isaaniitiin: amantii Muhammad keessa hin galinaa waan irra jirtan irratti deemaa; ibaadaa gooftoolee keesanii irratti gadi dhaabbadhaa. Dhugumatti Rabbii tokko qofa gabbaruun Muhammad itti nu waamu kun mala dhokfame kan ittiin nu irratti ol tahee hordoftoota isaa ittii nu godhatu barbaaduudha.
⑦ Waan abboota keenya irratti argineefi karaa Iisaa keessatti Rabbiin tokkichomsuu Muhammad itti nu waamu kana hin argine. Wanti isa irraa dhageenyu kun soba malee hin taane.
⑧ Odoo nuti dura bu’oota gurguddoo taanee jirruu nu keessaa Qur’aanni isuma qofqtti buufamuun sirrumaa?! Mushrikoonni kun wahyii sirratti buufamu irraa shakii keessa jiran. Adabbii Rabbii waan hin dhandhaminiif yeroo isaanii kennuun gowwomfaman. Odoo isa dhandhamanii kufrii, Rabbitti qindeessuufi waan gara kee buufame keessaatti shakkuu irratti hin jabaatan.
⑨ Si mushrikoota sobsiisan kana bira kaznaan tola Rabbii injifataa ta’ee kan nama feedheef wanta fedhe kennuu jirtii? Kaznaa tola isaa irraa nabiyyummaan waan taateef nama fedheef kenna. Kan nama fedhaniif arjoomanii kan fedhan dhorgan nabiyyummaan tan isaaniitii miti. ⑩ Mootummaa samii, dacheefi kan wanta isaankeessa jiruu qaban moo kan kennuufi dhorguun isaaniif haqa ta’u? Yoo kun jecha isaanii ta’e akka kennuufi dhorgatuu murteessuun isaanii mijjaa’u karaa gara samiitti isaan geessitu haa seenanii. Garuu sana hin danda’an. ⑪ Warri Muhammad kijibsiisan kun waraanuma akka waraana isaaniin dura ergamoota kijibsiiseetti caphuuf jiran. ⑫ Kijisiiftonni kun jalqaba nama sobsiiseetii miti, isaan dura ummanni Nuuh, Aadiifi Fir’awn takaallaa itti nama adbu qabu suniis sobsiisaniiru. ⑬ Samuud, ummanni Luuxiifi ummanni Shu’eybis sobsiisan. Isaan kun gamtaa ergamoota isaanii kijibsiisuufi waan isaan dhufaniin itti kafaruu irratti gurmaa’aniidha. ⑭ Gamtaan kun hunduu ergamoota sobsiisuun irraa argamnaan hanga yerroo irraa booda aanullee adabni Rabbii isaanitti mirkanaa’eera. ⑮ Warri Muhammad sobsiisan kun xurunbaa lammaffaa kan deebii hin qabne san malee eegaa hin jiran. Achumaan yoo du’an adabbiin isaan irratti argama. ⑯ Isaan sun qishnaa godhuun ni jedhan: Yaa Gooftaa keenya! Qooda keenya kan adabaa guyyaa Qiyaamaa dura addunyuma irratti nuuf saffisi.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Rabbiin Qur’aana gudaan kakate waan ta’eef dirqamni isa dhugoomsuun simachuufi hiika isaa baasutti garagaluudha.
- Mushrikoota yeroo wahyiin gurguddoo irratti akka bu’u kajeelan ilaalcha safartoo adaddunyaatu qoma isaanii keessatti injifate.
- Sababni mushrikoonni amanuu irraa garagaleef: haqa hordofuu irraa boonuufi of tuulummaadha.

ٱصۡبِرۡ عَلَىٰ مَا يَقُولُونَ وَٱذۡكُرۡ عَبۡدَنَا دَاوُۥدَ ذَا ٱلۡأَيۡدِۖ إِنَّهُۥٓ أَوَّابٌ ١٧ إِنَّا
سَخَّرۡنَا ٱلۡجِبَالَ مَعَهُۥ يُسَبِّحۡنَ بِٱلۡعَشِيِّ وَٱلۡإِشۡرَاقِ ١٨ وَٱلطَّيۡرَ
مَحۡشُورَةٗۖ كُلّٞ لَّهُۥٓ أَوَّابٞ ١٩ وَشَدَدۡنَا مُلۡكَهُۥ وَءَاتَيۡنَٰهُ ٱلۡحِكۡمَةَ
وَفَصۡلَ ٱلۡخِطَابِ ٢٠ ۞ وَهَلۡ أَتَىٰكَ نَبَؤُاْ ٱلۡخَصۡمِ إِذۡ تَسَوَّرُواْ ربع الحزب ٤٦
ٱلۡمِحۡرَابَ ٢١ إِذۡ دَخَلُواْ عَلَىٰ دَاوُۥدَ فَفَزِعَ مِنۡهُمۡۖ قَالُواْ لَا تَخَفۡۖ
خَصۡمَانِ بَغَىٰ بَعۡضُنَا عَلَىٰ بَعۡضٖ فَٱحۡكُم بَيۡنَنَا بِٱلۡحَقِّ وَلَا تُشۡطِطۡ
وَٱهۡدِنَآ إِلَىٰ سَوَآءِ ٱلصِّرَٰطِ ٢٢ إِنَّ هَٰذَآ أَخِي لَهُۥ تِسۡعٞ وَتِسۡعُونَ نَعۡجَةٗ
وَلِيَ نَعۡجَةٞ وَٰحِدَةٞ فَقَالَ أَكۡفِلۡنِيهَا وَعَزَّنِي فِي ٱلۡخِطَابِ ٢٣ قَالَ
لَقَدۡ ظَلَمَكَ بِسُؤَالِ نَعۡجَتِكَ إِلَىٰ نِعَاجِهِۦۖ وَإِنَّ كَثِيرٗا مِّنَ ٱلۡخُلَطَآءِ لَيَبۡغِي
بَعۡضُهُمۡ عَلَىٰ بَعۡضٍ إِلَّا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ وَقَلِيلٞ
مَّا هُمۡۗ وَظَنَّ دَاوُۥدُ أَنَّمَا فَتَنَّٰهُ فَٱسۡتَغۡفَرَ رَبَّهُۥ وَخَرَّۤ رَاكِعٗاۤ وَأَنَابَ ۩ سَجۡدَة
٢٤ فَغَفَرۡنَا لَهُۥ ذَٰلِكَۖ وَإِنَّ لَهُۥ عِندَنَا لَزُلۡفَىٰ وَحُسۡنَ مَـَٔابٖ ٢٥
يَٰدَاوُۥدُ إِنَّا جَعَلۡنَٰكَ خَلِيفَةٗ فِي ٱلۡأَرۡضِ فَٱحۡكُم بَيۡنَ ٱلنَّاسِ بِٱلۡحَقِّ
وَلَا تَتَّبِعِ ٱلۡهَوَىٰ فَيُضِلَّكَ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِۚ إِنَّ ٱلَّذِينَ يَضِلُّونَ
عَن سَبِيلِ ٱللَّهِ لَهُمۡ عَذَابٞ شَدِيدُۢ بِمَا نَسُواْ يَوۡمَ ٱلۡحِسَابِ ٢٦

⑰ Yaa Ergamichaa! Wanta ati hin jaallanne tan sobsiistonni kun jedhan irratti obsi. Gbricha keenya kan diina dhawuufi ibaadaa Rabbii irratti obsuu keessaatti cimina qabu Daawuud yaadadhu. Inni tawbaafi waan Rabbiin jaallachiisu dalaguun akkaan gara Rabbii deebi'aadha.

⑱ Nuti gaara Daawuudii wajjin laaffifneerra. Yeroo inni galgalaafi ganama bakka biiftuun baatutti Rabbiin qulqulleessu, wajjin qulqulleessu.

⑲ Allaattii hawaa keessaatti hidhamtuu godhuun laaffifne; hunduu isa hordofuun ajaja godhee Rabbiin qulqulleessaadha.

⑳ Sodaa, jabinaafi diina isaa irratti tumsuu isaa kenninee motummaa isaa gadi jabeessineef. Nabiyyummaafi waa'ee isaa hunda keessatti sirrummaa isaaf kennine. Waan fedhe hunda keessatti deebii quubsaafi haasawa, murtii faa keessaattis dubbii adda baasuu kennineef.

㉑ Yaa Ergamichaa! Oduun nama lamaan wal lolanii Daawuuditti iddoo ibaadaa isaatti kan ol bahanii sun sitti hin dhufnee?

㉒ Yeroo Daawuuditti tasa ol seenan aadaa seenuuf hin beekamin irratti ol seenuu irraa rifate. Yeroo rifachuun isaa isaaniif ifu ni jedhan: Hin sodaatin, nuti nama wallole lama kan tokko kaan miidhe waan taaneef jidduu keenya haqaan murteessi. Yeroo jidduu keenya murteessitu hin miidhin. Gara karaa sirrii ta'eetti nu qajeelchi.

㉓ Tokkoon jara lamaan wallolee Daawuudiin ni jedhe: gurbaan kun obboleessa kiyya, hoolaa sagaltamii sagal qaba. Ani immoo hoolaa takkaan qaba. Ishee isaaf kennuu ana gaafatee kadhaa keessatti ana injifate.

㉔ Daawuud isaan lamaan jidduu murteessuuf ni jedhe: Dhugumatti obboleessi kee yeroo hoolaa kee tokkittii gara hoolota isaa dabaluuf si gaafate si miidheera. Irra baay'een warra waliin qabeenya qabanii gariin haqa garii fudhatuun daangaa darbaadha. Garuu mu'uminoonni dalagaa gaarii hojjatan shariikkan isaanii gaariin waliin jiraatanii hin miidhan. Warri amaloota sana qaban muraasa. Daawuud falmii saniin mokkora keessa isa buusuu waan mirkaneeffateef achumaan Rabbiin araarama gaafate. Gara Rabbii dhiyaachuuf sujuudee gara isaa tawbaa deebi'e. Kun fakeenya Rabbiin mokkora dubartii kan Daawuuditti argameef godheedha.

㉕ Isaaf owwaatuun waan san isaaf araaramne. Inni nu biratti dhiheeffamoota irraayi. Aakhirattis bakka deebii bareedaa qaba.

㉖ Yaa Daawuud! Nuti dachii keessatti bakka bu'aa murtee diiniifi addunyas geggessitu waan si gooneef haqaan jidduu nmootaa murteessi. Jidduu namootaa murteessuu kee keessatti firummaaf yookiin hiriyummaaf gara tokkootti dabuun yookiin diinummaaf tokko irraa dabuun fedhii hin hordofin. Sababa kanaan fedhiin karaa Rabbii sirrii irraa siin maqa. Warra karaa Rabbii irraa maqan sababa guyyaa qormaataa irraan fataniif adabbii jabaatu isaaniif jira. Odoo isa yaadatanii isa irraa sodaatanii fedhii isaanii waliin hin jallatan.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Sadarkaa Nabiyyii Rabbii Daawuudiifi raajiiwwan Rabbiin isaan adda godhe ibsuudha.
- Nabiyyoonni waan Rabbiin rraa fidan keessatti dogongoruu irraa tikfamoodha. Kaayyoon kanaan malee hin argamu. Garuu irraanfiin yookiin hukmii irraa dagatuun gariin uumamatti dhufuu irraa ni argama. Haa ta'uu malee Rabbiin yeruma san rahmata isaatiin dhaqqaba.
- Garii beektotaa jecha Rabbii kan: "Irra hedduun namoota waliin hojjatanii gariin isaanii garii irratti ni roorrisa" jedhu namni lamaafi baay'eenis waliin hojjatuun karaa godhamaa ta'uu irratti ragaa godhatan.
- Warra caalmaafi sadarkaa qaban irratti ol seenuu keessatti naamusa qabaatuun barbaachisaadha.



وَمَا خَلَقْنَا ٱلسَّمَآءَ وَٱلْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا بَٰطِلًا ۚ ذَٰلِكَ ظَنُّ ٱلَّذِينَ
كَفَرُوا۟ ۚ فَوَيْلٌ لِّلَّذِينَ كَفَرُوا۟ مِنَ ٱلنَّارِ ﴿٢٧﴾ أَمْ نَجْعَلُ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَعَمِلُوا۟
ٱلصَّٰلِحَٰتِ كَٱلْمُفْسِدِينَ فِى ٱلْأَرْضِ أَمْ نَجْعَلُ ٱلْمُتَّقِينَ كَٱلْفُجَّارِ
﴿٢٨﴾ كِتَٰبٌ أَنزَلْنَٰهُ إِلَيْكَ مُبَٰرَكٌ لِّيَدَّبَّرُوٓا۟ ءَايَٰتِهِۦ وَلِيَتَذَكَّرَ أُو۟لُوا۟
ٱلْأَلْبَٰبِ ﴿٢٩﴾ وَوَهَبْنَا لِدَاوُۥدَ سُلَيْمَٰنَ ۚ نِعْمَ ٱلْعَبْدُ ۖ إِنَّهُۥٓ أَوَّابٌ
﴿٣٠﴾ إِذْ عُرِضَ عَلَيْهِ بِٱلْعَشِىِّ ٱلصَّٰفِنَٰتُ ٱلْجِيَادُ ﴿٣١﴾ فَقَالَ إِنِّىٓ أَحْبَبْتُ
حُبَّ ٱلْخَيْرِ عَن ذِكْرِ رَبِّى حَتَّىٰ تَوَارَتْ بِٱلْحِجَابِ ﴿٣٢﴾ رُدُّوهَا عَلَىَّ ۖ
فَطَفِقَ مَسْحًۢا بِٱلسُّوقِ وَٱلْأَعْنَاقِ ﴿٣٣﴾ وَلَقَدْ فَتَنَّا سُلَيْمَٰنَ
وَأَلْقَيْنَا عَلَىٰ كُرْسِيِّهِۦ جَسَدًا ثُمَّ أَنَابَ ﴿٣٤﴾ قَالَ رَبِّ ٱغْفِرْ لِى وَهَبْ
لِى مُلْكًا لَّا يَنۢبَغِى لِأَحَدٍ مِّنۢ بَعْدِىٓ ۖ إِنَّكَ أَنتَ ٱلْوَهَّابُ ﴿٣٥﴾
فَسَخَّرْنَا لَهُ ٱلرِّيحَ تَجْرِى بِأَمْرِهِۦ رُخَآءً حَيْثُ أَصَابَ ﴿٣٦﴾ وَٱلشَّيَٰطِينَ
كُلَّ بَنَّآءٍ وَغَوَّاصٍ ﴿٣٧﴾ وَءَاخَرِينَ مُقَرَّنِينَ فِى ٱلْأَصْفَادِ ﴿٣٨﴾ هَٰذَا
عَطَآؤُنَا فَٱمْنُنْ أَوْ أَمْسِكْ بِغَيْرِ حِسَابٍ ﴿٣٩﴾ وَإِنَّ لَهُۥ عِندَنَا لَزُلْفَىٰ وَحُسْنَ
مَـَٔابٍ ﴿٤٠﴾ وَٱذْكُرْ عَبْدَنَآ أَيُّوبَ إِذْ نَادَىٰ رَبَّهُۥٓ أَنِّى مَسَّنِىَ ٱلشَّيْطَٰنُ
بِنُصْبٍ وَعَذَابٍ ﴿٤١﴾ ٱرْكُضْ بِرِجْلِكَ ۖ هَٰذَا مُغْتَسَلٌۢ بَارِدٌ وَشَرَابٌ ﴿٤٢﴾

㉗ Samiifi dachees taphaaf hin uumne. Sun yaada warra kafaraniiti waan ta'eef warra kafaran kan yaada kana qaban yeroo kufriifi yaada fokkataa Rabbiif qaban kana irratti du'an guyyaa Qiyaamaa lagni ibidda irraa ta'e isaaniif tahaadha.

㉘ Warra Rabbitti amanee Ergamaa isaa hordofee dalagaa gaarii hojjate, akka warra kufriifi dilii hojjachuun dachii balleessanii hin goonu. Warra ajaja Rabbii jala butamanii dhorgaa isaa irraa fagaatuun Rabbiin sodaatan akka kaafirootaafi munaafiqoota yakka keessa lixanii hin goonu. Dhgumatti isaan kana lamaan wal qixxeessuun miidhaadha. Baraa Rabbiin mu'uminoota isa sodaatan jannata seenuun galata galchee kaafiroota jalloo ibidda galchuun adaba. Isaan Rabbiin biratti waan wal hin qixxaanneef mindaan isaanis wal hin qixxaatu.

㉙ Qur'aanni kun kitaaba gara keetti buufne kan bu'aa baay'atuudha. Akka namoonni kiyyattoota isaa gadi ilaalaniifi hiika isaa xinxalaniif. Ammas warri sammuu fayyaa qabu ittiin gorfamuuf jecha buufne.

㉚ Daawuudiif akka ijji isaa itti gammadduuf isa irratti tola oluuf jecha ilma isaa Suleymaan kennineef. gabrichi gara Rabbii tawbaa deebi'uu heddummeessu Suleymaan waa tole!

㉛ Yeroo faradoon colleen miila sadiin dhaabbattee afraffaa ol kaaftu Asrii isa irra fidamte yaadadhu. Faradoon coollen sun hanga aduun lixxutti isa irra fidamuu hin dhiifne.

㉜ Achumaan akkana jedhe: hanga biiftuun seentee salaata Asrii irraa booda aanutti zikrii Gooftaa kiyyaa irra jaalala horiitiin filadhe.

㉝ Faradoo kana naaf as deebisaa jennaan isaaf deebisan. Achumaan seyfiin mogoleefi morma ishee irraa dhawutti seene.

㉞ Dhugumatti Suleymaan ni mokkorre; siree mootummaa isaa irratti shayxaana nama fakkaatu kan yeroo gabaabaaf aangoo isaa keessa hojjate darbine. Sana booda aangoofi mootummaan isaa shayxaanota irraa Suleymaaniif deebi'e.

㉟ Suleymaan ni jedhe: yaa Gooftaa kiyya! Dilii kiyya naaf araarami, mootummaa anuma qofaa kan ana booda nama tokkolleen hin malle naaf kenni. Yaa Gooftaa kiyya ati kennaan kee hedduudha, arjummaan kes guddaadha.

㊱ Achumaan isaaf qeebaluun qilleensa laaffifamtuu ajaja isaatiif butamtuu taate kan jabinaafi saffisni deemicha ishee jiraatuu waliin nama daddarbinsa hin qabne bakka fedhetti tan isa baadhattu isaaf laaffifne.

㊲ Sheyxaanota ajaja isaan bulanis isaaf laaffifne. Isaan irraa kan waa jaaruufi warri galaanota keessa limuun faaya adda addaa isaaf baasanis ni jiru.

㊳ Sheyxaanota irraa finciltoota isaaf laaffifamaniitu jiru. Isaan irraa kan sansalataan hidhamanii sochoo'uu hin dandeenyes jiru.

㊴ Yaa Suleymaan! Kun kennaa keenya kan waan nurraa barbaadde siif qeballee kennine waan ta'eef nama feeteef kenni, kan feete immoo dhorgi. Kennuufi dhorguu keessatis hin qoratamtu.

㊵ Suleymaan warra nutti dhiyeeffamu irraayi. Bakka itti deebi'u jannata bareedaa nu biraa qaba.

㊶ Yaa Ergamichaa! Gabricha keenya Ayyuub yeroo inni Allaah Gooftaa isaa: dhugumatti shayxaanni waan dadhabsiisaa adabaa ta'een na tuqe jechuun kadhate san yaadadhu.

㊷ Isaan ni jenne: miila keetiin dachii dhawi jennaan, yeruma san miila isaatiin dachii dhawee bishaan dhuguufi kan ittiin dhiqatu bahe, rakkinni ofitti argu sun irraa deeme.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Qur'aana xiinxaluu irratti kakaasuudha.
- Keeyyattoota keessa akkuma qalbiin fayyaa qabuufi namnis hubannaa qabuun gorfamuun Qur'aanatti fayyadamuun argama jechuu irratti ragaan jira.
- Jechamni beekamaan: Namni wanta tokko Rabbiif dhiise kan isa caalu Rabbiin bakka buusaaf jedhu sirrii ta'uu irratti keeyyattoota keessa ragaatu jira.

وَوَهَبۡنَا لَهُۥٓ أَهۡلَهُۥ وَمِثۡلَهُم مَّعَهُمۡ رَحۡمَةٗ مِّنَّا وَذِكۡرَىٰ لِأُوْلِي ٱلۡأَلۡبَٰبِ
(٤٣) وَخُذۡ بِيَدِكَ ضِغۡثٗا فَٱضۡرِب بِّهِۦ وَلَا تَحۡنَثۡۗ إِنَّا وَجَدۡنَٰهُ صَابِرٗاۚ نِّعۡمَ
ٱلۡعَبۡدُ إِنَّهُۥٓ أَوَّابٞ (٤٤) وَٱذۡكُرۡ عِبَٰدَنَآ إِبۡرَٰهِيمَ وَإِسۡحَٰقَ وَيَعۡقُوبَ أُوْلِي
ٱلۡأَيۡدِي وَٱلۡأَبۡصَٰرِ (٤٥) إِنَّآ أَخۡلَصۡنَٰهُم بِخَالِصَةٖ ذِكۡرَى ٱلدَّارِ (٤٦)
وَإِنَّهُمۡ عِندَنَا لَمِنَ ٱلۡمُصۡطَفَيۡنَ ٱلۡأَخۡيَارِ (٤٧) وَٱذۡكُرۡ إِسۡمَٰعِيلَ
وَٱلۡيَسَعَ وَذَا ٱلۡكِفۡلِۖ وَكُلّٞ مِّنَ ٱلۡأَخۡيَارِ (٤٨) هَٰذَا ذِكۡرٞۚ وَإِنَّ لِلۡمُتَّقِينَ
لَحُسۡنَ مَـَٔابٖ (٤٩) جَنَّٰتِ عَدۡنٖ مُّفَتَّحَةٗ لَّهُمُ ٱلۡأَبۡوَٰبُ (٥٠) مُتَّكِـِٔينَ
فِيهَا يَدۡعُونَ فِيهَا بِفَٰكِهَةٖ كَثِيرَةٖ وَشَرَابٖ (٥١) ۞ وَعِندَهُمۡ قَٰصِرَٰتُ
ٱلطَّرۡفِ أَتۡرَابٌ (٥٢) هَٰذَا مَا تُوعَدُونَ لِيَوۡمِ ٱلۡحِسَابِ (٥٣) إِنَّ هَٰذَا
لَرِزۡقُنَا مَا لَهُۥ مِن نَّفَادٍ (٥٤) هَٰذَاۚ وَإِنَّ لِلطَّٰغِينَ لَشَرَّ مَـَٔابٖ
(٥٥) جَهَنَّمَ يَصۡلَوۡنَهَا فَبِئۡسَ ٱلۡمِهَادُ (٥٦) هَٰذَا فَلۡيَذُوقُوهُ حَمِيمٞ
وَغَسَّاقٞ (٥٧) وَءَاخَرُ مِن شَكۡلِهِۦٓ أَزۡوَٰجٌ (٥٨) هَٰذَا فَوۡجٞ
مُّقۡتَحِمٞ مَّعَكُمۡ لَا مَرۡحَبَۢا بِهِمۡۚ إِنَّهُمۡ صَالُواْ ٱلنَّارِ (٥٩) قَالُواْ
بَلۡ أَنتُمۡ لَا مَرۡحَبَۢا بِكُمۡۖ أَنتُمۡ قَدَّمۡتُمُوهُ لَنَاۖ فَبِئۡسَ ٱلۡقَرَارُ (٦٠)
قَالُواْ رَبَّنَا مَن قَدَّمَ لَنَا هَٰذَا فَزِدۡهُ عَذَابٗا ضِعۡفٗا فِي ٱلنَّارِ (٦١)

نصف الحزب ٤٦

㊸ Isaaf owwaatuun rakkina isatti jiru isa irraa fuune, ilmaan isas ni kennineef. Rahmata nu irraa ta'eefi obsa isaa irratti isaaf galta galchuuf ilmaaniifi ilmaan ilmaanis hangas takka itti idaaneef. Warri sammuu fayyaa qabus booddeen obsaa furmaataafi mindaa ta'uu beekuun akka gorfamaniif kennineef.

㊹ Gaafa Ayyuub niitii isaatti aaruun, faraqaa dhibba rukutuu irratti kakate ni jennen: Yaa Ayyuu damee ba'aa fuudhii kakuukee odoo hin diigne dhugoomsuuf ishee dhawi. Achumaan damee dhibba fuudhee isheen dhawe. Isa qoratuu keenya irratti jabaa ta'uu isa argine. Inni gabricha baay'ee gara Rabbii deebi'u ta'uun waa tole!

㊺ Yaa Ergamichaa! gabroottan keenya filatamoofi ergamoota keenya warra ergnne Ibraahiim, Is-haaqiifi Ya'aquub yaadadhu. Dhugumatti ibaadaa Rabbiifi jaalala isaa barbaaduu keessatti warra cimoo turan. Haqa keessattis warra beekumsa dhugaa qabu turan.

㊻ Kennaa kophaa isaaniin baafneen tola isaanitti olle. Isheenis qalbii isaanii biyya aakhiraa yaadatuufi dalagaa gaariin isheef qophaa'anii gara isheef hojjatuutti nama waamuudha.

㊼ Isaan ibaadaa teenyaaf warra filatamoodha. Ergaa keenya fuudhanii namaootatti geessuufis filanneerra.

㊽ Yaa Nabiyyichaa! Ismaa'iil ilma Ibraahiim, Alysa'iifi Zalkiflis yaadadhu. Faaruu bareedaan isaan dubbadhu isaan isaan moloodha. Isaan kun hundi Rabbiin biratti filatamoo irraayi.

㊾ Kun Qur'aana keessatti isaan faaruu bareedaan dubbachuudha. Warra Rabbiin sodaatuuf biyya aakhiraatti iddoon deebii bareedaan isaaniif ta'aadha.

㊿ Deebiin bareedaan kun jannata qubsumaa kan guyyaa Qiyaamaa seenaniidha. Balbaltii ishee isaan simatuuf babbanamteera.

(51) Siree isaaniif miidhegfamte irratti hirkatanii ergannoo isaanii fuduraalee hedduufi dhugaatii akka daadhii irraa akka isaaniif dhiheessan barbaadu.

(52) Isaan bira ammas niitolii umriin walqixaa kan dhiirsa isaanii qofa irratti ija isaanii gabaabsantu jiru.

(53) Yaa warra Rabbiin sodaattan! Kun galata hojii gaggaarii addunyaa keessatti hojjachuu turtan irratti waadaa guyyaa Qiyaamaa godhamtaniidha.

(54) Mindaan dubbanne kun kennaa keenya kan guyyaa Qiyaamaa warra nu sodaateef kenninuudha. Inni kennaa itti fufaa hin dhumneedha. (55) Kan dubbanne kun galata warra Rabbiin sodaataniiti. Warra kufriifi yakkaan daangaa darban immoo mindaa kanaan addaatu jiraaf. Isaaniif guyyaa Qiyaamaa iddoo hamaa itti deebi'antu isaaniif jira. (56) Mindaan kun Jahannamii isaaniin marsituudha. Hoo'a isheetiifi arraba ibidda ishees ni qunnamu. Ishee irraa ammas afata qabu afanni isaanii sun waa fokkate! (57) Adabbiin kun bishaan baay'ee hoo'eefi malaa qaama warra ibiddaa keessaa yaa'u waan ta'eef haa isa dhuganii inni dhugaatii dheebuu nama hin baafneedha. (58) Adaba biroo kanuma kanaan walfakkaatu isaan eeggata; akaakuu adabaa baay'ee kan aakhiratti itti adabamantu isaaniif jira. (59) Warri ibiddaa yeroo ibidda galan wal arrabsuufi garii garii irraa qulqullaa'uu irraa waan nama wallole jiddutti argamuutu isaan jiddutti argama. Gariin isaanii ni jedha: kun garee warra ibiddaa kan ibidda isinii waliin seenaniidha yeroo jedhame: Rabbiin isaanitti hin ballisin isaanis gosa adaba akka nuti qunnamaa jirruuti qunnamutti jiran jechuun deebii kennu. (60) Gareen hordoftootaa matootii hordofamaniin ni jedhan: Yaa matootii hordofamtan! Isintu nu jallisuudhaan adba laalessaa kana seenuu keessaatti sababa ta'e waan taataniif Rabbiinisinitti hin ballisin. Qubsumti Jahannam guutumattuu waa fokkate! (61) Hordoftoonni ni jedhan : Yaa Rabbii keenya! Nama erga qajeelloon nutti dhufte irraa nu jallise adaba isaa ibidda keessatti dachaa itti godhi.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Nama rakkoo irratti obse Rabbiin ammaafi boodas ni mindeessa. Kadhas yeroo kadhate ni qeebalaaf.
- Keeyyattoota kanneen keessa dhiirsi niitii isaa naamusaaf dahwinsa ishee miidhu odoo hin tahin rukutuu ni danda'a irratti ragaatu jira. Yuub niitii isaa dhawuu irraatti waan kakateef hojjate.

وَقَالُواْ مَا لَنَا لَا نَرَىٰ رِجَالٗا كُنَّا نَعُدُّهُم مِّنَ ٱلۡأَشۡرَارِ ٦٢ أَتَّخَذۡنَٰهُمۡ
سِخۡرِيًّا أَمۡ زَاغَتۡ عَنۡهُمُ ٱلۡأَبۡصَٰرُ ٦٣ إِنَّ ذَٰلِكَ لَحَقّٞ تَخَاصُمُ أَهۡلِ
ٱلنَّارِ ٦٤ قُلۡ إِنَّمَآ أَنَا۠ مُنذِرٞۖ وَمَا مِنۡ إِلَٰهٍ إِلَّا ٱللَّهُ ٱلۡوَٰحِدُ ٱلۡقَهَّارُ ٦٥
رَبُّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَمَا بَيۡنَهُمَا ٱلۡعَزِيزُ ٱلۡغَفَّٰرُ ٦٦ قُلۡ هُوَ نَبَؤٌاْ
عَظِيمٌ ٦٧ أَنتُمۡ عَنۡهُ مُعۡرِضُونَ ٦٨ مَا كَانَ لِيَ مِنۡ عِلۡمِۭ بِٱلۡمَلَإِ ٱلۡأَعۡلَىٰٓ
إِذۡ يَخۡتَصِمُونَ ٦٩ إِن يُوحَىٰٓ إِلَيَّ إِلَّآ أَنَّمَآ أَنَا۠ نَذِيرٞ مُّبِينٌ ٧٠ إِذۡ قَالَ
رَبُّكَ لِلۡمَلَٰٓئِكَةِ إِنِّي خَٰلِقُۢ بَشَرٗا مِّن طِينٖ ٧١ فَإِذَا سَوَّيۡتُهُۥ وَنَفَخۡتُ
فِيهِ مِن رُّوحِي فَقَعُواْ لَهُۥ سَٰجِدِينَ ٧٢ فَسَجَدَ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ كُلُّهُمۡ
أَجۡمَعُونَ ٧٣ إِلَّآ إِبۡلِيسَ ٱسۡتَكۡبَرَ وَكَانَ مِنَ ٱلۡكَٰفِرِينَ ٧٤ قَالَ
يَٰٓإِبۡلِيسُ مَا مَنَعَكَ أَن تَسۡجُدَ لِمَا خَلَقۡتُ بِيَدَيَّۖ أَسۡتَكۡبَرۡتَ أَمۡ كُنتَ
مِنَ ٱلۡعَالِينَ ٧٥ قَالَ أَنَا۠ خَيۡرٞ مِّنۡهُ خَلَقۡتَنِي مِن نَّارٖ وَخَلَقۡتَهُۥ مِن طِينٖ
٧٦ قَالَ فَٱخۡرُجۡ مِنۡهَا فَإِنَّكَ رَجِيمٞ ٧٧ وَإِنَّ عَلَيۡكَ لَعۡنَتِيٓ إِلَىٰ يَوۡمِ ٱلدِّينِ
٧٨ قَالَ رَبِّ فَأَنظِرۡنِيٓ إِلَىٰ يَوۡمِ يُبۡعَثُونَ ٧٩ قَالَ فَإِنَّكَ مِنَ
ٱلۡمُنظَرِينَ ٨٠ إِلَىٰ يَوۡمِ ٱلۡوَقۡتِ ٱلۡمَعۡلُومِ ٨١ قَالَ فَبِعِزَّتِكَ
لَأُغۡوِيَنَّهُمۡ أَجۡمَعِينَ ٨٢ إِلَّا عِبَادَكَ مِنۡهُمُ ٱلۡمُخۡلَصِينَ ٨٣

(62) Of tuultonni daangaa darban ni jedhu: Namoota addunyaa keessatti jallattota ibdida haqa godhata jechuun lakkaa'uu turre maaliif ibidda keessaatti nu waliin arguu dhabne?!

(63) Qishnaa nuti itti godhaa turreetu dogongoraan ta'ee ibidda haqa hin godhatini moo qishnaan tee-nya sirrii taatuma oduma ibdda seenanii jiranuu ijji keeny isaan irra hin bu'ini?!

(64) Walloluun kaafirootaa kan guyyaa Qiyaamaa dhuguma mamii hin qabu.

(65) Yaa Muhammad! Kaafiroota ummata keetiitiin jedhi: Adabni Rabbii akka sababa ergamootatti kafaruufi sobsiisuutiin isinitti hin argamne isn dinniinaadha. Gabbaramaan ibaadaa haqa godhatu Rabbiin malee hin argamu. Inni guddina, sifaafi maqoota isaa keessattis tokkicha. Inni injifataa waan hundati waan ta'eef wanti hunduu isaaf gadi godhataadha.

(66) Inni Gooftaa wantoota samii, dacheefi waan jidduu isaan lamaaniiti. Inni aangoo isaa keessatti namni tokko isa hin injifatu. Inni dilii warra gabroota isaa tawbatee araaramaadha.

(67) Yaa Ergamichaa! Sobsiistota kanaan: Qur'aanni dubbii waan guddaa qabuudha jedhiin.

(68) Isin dubbii guddaa kana irraa odoo hin millanne irraa garagaloodha.

(69) Odoo Rabbiin gara kiyya wahyii godhee ana barsiisuu baatee waa'ee uumama Aadam irratti haasawa jidduu maleykotaatti adeeme beekumsi anaaf hin taane.

(70) Waaniin ani adaba isaa irraa isiniif dinniinaa ifa galaa ta'eef Rabbiin wanta gara kiyyatti wahyii godhu kana wahyii godha.

(71) Yeroo Gooftaan kee maleykotaan: nama Aadam jedhamuun dhoqqee irraa uuma jedheen yaadadhu.

(72) Yeroon umaa isaa sirreessee wal qixxeesse isaaf sujuudaa jennaan,

(73) Achumaan maleykonni hunduu ajaja fudhatanii odoo tokko hin hafin sujuuda kabajaa Aadmiif sujuudan.

(74) Ibliisa sujuuda iraa boonee sababa ajaja Gooftaa isaa irraa boonuutiin kaafiroota irraa ta'e malee.

(75) Rabbiin ni jedheen: Yaa Ibliis! Maaltu Aadamiin harka kiyyaan uumeef sujuuduu irraa sidhorge?! Boonaatu sujuuduu irraa si dhorge moo durattumaa Gooftaa kee irratti boonaafi of tuulaa turte?

(76) Ibliis nijedhe: anaatu Aadam irra caala; ana ibidda irraa uumteeti isa immoo dhoqqee irraa uumte. Yaada isaatti ibiddaatu dhoqqe caalaadha.

(77) Rabbiin Ibliisiin: Ati abaaramaa arrabsamaadha, jannata irraa bahi jedheen.

(78) Dhugumatti hanga guyyaa mindaa, guyyaa Qiyaamaatti jannata irraa darbamuun sirratti tahaadha.

(79) Ibliisis: Hanga guyyaa gabroota kee kaaftuutti ana hin ajjeesinii yeroo naaf kenni jedheen.

(80) Rabbiinis: ati warra yeroon kennamuuf irraayi jedheen,

(81) Hanga guyyaa yeroo si ajjeesuuf daangeffamaa ta'eetti.

(82) Ibliis ni jedhe: dandeettii teetti kakadhe! Ilmaan Aadam hunda niin jallisa.

(83) Nama Ati jallisuu kiyya jalaa baaftee ibaadaa kee qofaaf qulqulleessite malee.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Ragaan mul'ataan odoo jiruu tilmaamaafi mala dhawatuun karaa dharaati.
- Kufriin Ibliis kufrii diddaafi boonaati
- Namoota Rabbiin uumama isaa keessaa ibaadaa isaatiif qulqulleesse shayxaanni karaa itti hin qabu.

قَالَ فَٱلۡحَقُّ وَٱلۡحَقَّ أَقُولُ ٨٤ لَأَمۡلَأَنَّ جَهَنَّمَ مِنكَ وَمِمَّن تَبِعَكَ مِنۡهُمۡ
أَجۡمَعِينَ ٨٥ قُلۡ مَآ أَسۡـَٔلُكُمۡ عَلَيۡهِ مِنۡ أَجۡرٖ وَمَآ أَنَا۠ مِنَ ٱلۡمُتَكَلِّفِينَ
٨٦ إِنۡ هُوَ إِلَّا ذِكۡرٞ لِّلۡعَٰلَمِينَ ٨٧ وَلَتَعۡلَمُنَّ نَبَأَهُۥ بَعۡدَ حِينِۭ ٨٨

سُورَةُ الزُّمَرِ

ءَايَاتُهَا ٧٥ — تَرۡتِيبُهَا ٣٩

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

تَنزِيلُ ٱلۡكِتَٰبِ مِنَ ٱللَّهِ ٱلۡعَزِيزِ ٱلۡحَكِيمِ ١ إِنَّآ أَنزَلۡنَآ إِلَيۡكَ
ٱلۡكِتَٰبَ بِٱلۡحَقِّ فَٱعۡبُدِ ٱللَّهَ مُخۡلِصٗا لَّهُ ٱلدِّينَ ٢ أَلَا
لِلَّهِ ٱلدِّينُ ٱلۡخَالِصُۚ وَٱلَّذِينَ ٱتَّخَذُواْ مِن دُونِهِۦٓ أَوۡلِيَآءَ
مَا نَعۡبُدُهُمۡ إِلَّا لِيُقَرِّبُونَآ إِلَى ٱللَّهِ زُلۡفَىٰٓ إِنَّ ٱللَّهَ يَحۡكُمُ
بَيۡنَهُمۡ فِي مَا هُمۡ فِيهِ يَخۡتَلِفُونَۗ إِنَّ ٱللَّهَ لَا يَهۡدِي مَنۡ هُوَ
كَٰذِبٞ كَفَّارٞ ٣ لَّوۡ أَرَادَ ٱللَّهُ أَن يَتَّخِذَ وَلَدٗا لَّٱصۡطَفَىٰ
مِمَّا يَخۡلُقُ مَا يَشَآءُۚ سُبۡحَٰنَهُۥۖ هُوَ ٱللَّهُ ٱلۡوَٰحِدُ ٱلۡقَهَّارُ
٤ خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضَ بِٱلۡحَقِّۖ يُكَوِّرُ ٱلَّيۡلَ عَلَى
ٱلنَّهَارِ وَيُكَوِّرُ ٱلنَّهَارَ عَلَى ٱلَّيۡلِۖ وَسَخَّرَ ٱلشَّمۡسَ وَٱلۡقَمَرَۖ
كُلّٞ يَجۡرِي لِأَجَلٖ مُّسَمًّىۗ أَلَا هُوَ ٱلۡعَزِيزُ ٱلۡغَفَّٰرُ ٥

(84) Rabbiin akkana jedhe: Dhugaan ana irraayi. Dhuguma malee waan biroo hin jedhu.

(85) Guyyaa Qiyaamaa siifi namoota ilmaan Aadam irraa warra kufrii keessatti si hordofe hundaaniin ibidda Jahannam guuta.

(86) Yaa Ergamichaa! Mushrikoota kanaan jedhi: Waan toltuu isinii yaaduuf isinitti geessu kana irratti mindaa isin hin gaafadhu. Ani wantaan itti ajajame irra dabalee dhufutti warra of rakkisu irraayii miti.

(87) Qur'aanni namaafi jinni irraa warra dirqaman yaadachiisaa malee hin taane.

(88) Rabbitti kakadhe! Oduu Qur'aana kanaa fuul dura beekuuf jirta. Dhugumatti inni yeroo dhiyoo booda, erga duutan dhugaadha.

BOQONNAA AZZUMAR

- Makkatti buute -

Kaayyoo Suurattii:

tawhiida, ibaadaa Rabbiif qulqulleessuufi shirkii of irraa darbutti waamuudha. Booddeen isaan hundaa aakhirati maal akka ta'eedha.

Ibsa suurattii:

① Buufaminsi Qur'aanaa Rabbii injifataa uumuu, tajaajiluufi sharii'aa isaa keessattis ogeessa ta'e irraa buufame malee kan biroo irraa hin buufamne.

② Yaa Ergamichaa! Qur'aana dhugaa of keessaa qabu kan seenaafi ahkaamni isa keessaa hunduu dhugaafi sirrii kana waan gara keetti buufneef Rabbiin tokkichoomsi, ibaadas isaaf qulqulleessii gabbari.

③ Dhagayaa! Ibaadaan shirkii irraa qulqulluu hundi Rabbiifi. Warri Rabbitti nu dhiheessuun dhimma keenya gara isaatti ol geessu, isa biratti magantaa nuuf seenu jechuuf gabbarra jedhanii, sababa godhatuun Rabbii gaditti xaa'ootaafi taaboota jaalalloo godhatuun gabbare, Rabbiin Guyyaa Qiyaamaa Mu'uminoota Isa tokkichomseefi kaafiroota isatti waan biroo qixxeesse tawhiida isaan keessatti wal dhaban keessaatti ni murteessa. Dhugumatti Rabbiin nama shirkii Rabbirratti hirkisuun sobee tola Rabbii morame, gara haqaatti hin qajeelchu.

④ Rabbiin ilma godhatuu odoo fedhee silaa uumama isaa keessaa kan fedhe filatee sadarkaa ilmaatti godhata. Rabbiin wanta mushrikoonni kun jedhu irraa qulqullaawe. Inni tokkichaa shariika hin qabu.

⑤ Iccitii cimaaf samiifi dachii uume malee akka miidhaa raawwattoonni jedhan kanatti taphaaf hin uumne. Halkan guyyaa irratti ni naqa, guyyas halkan irratti seensisa; yeroo tokko dhufe kuun ni fagaata. Biiftuufi ji'a ni laaffise; hundi isaanii yeroo murtaawaa hanga jiruun kun dhumuuf adeema. Dhagayaa! Rabbiin injifataa diina isaa irraa haaloo bahatuudha. Gabroota isaa irraa dilii namoota tawbatee araaramaadha.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Namni gara Rabbitti waamu mindaa Rabbuma biraa eeggata. mindaa gara haqaatti isaan waamuu nama irraa hin barabaadu.
- Of rakkisuun diin irraayii miti.
- Gara Rabbii tawassula ta'achuun maqoota, sifaata Rabbii, iimaanaafi hojii gaggaariin malee hin ta'u.

خَلَقَكُم مِّن نَّفۡسٖ وَٰحِدَةٖ ثُمَّ جَعَلَ مِنۡهَا زَوۡجَهَا وَأَنزَلَ لَكُم
مِّنَ ٱلۡأَنۡعَٰمِ ثَمَٰنِيَةَ أَزۡوَٰجٖۚ يَخۡلُقُكُمۡ فِي بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمۡ
خَلۡقٗا مِّنۢ بَعۡدِ خَلۡقٖ فِي ظُلُمَٰتٖ ثَلَٰثٖۚ ذَٰلِكُمُ ٱللَّهُ رَبُّكُمۡ لَهُ
ٱلۡمُلۡكُۖ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَۖ فَأَنَّىٰ تُصۡرَفُونَ ٦ إِن تَكۡفُرُواْ فَإِنَّ
ٱللَّهَ غَنِيٌّ عَنكُمۡۖ وَلَا يَرۡضَىٰ لِعِبَادِهِ ٱلۡكُفۡرَۖ وَإِن تَشۡكُرُواْ يَرۡضَهُ
لَكُمۡۗ وَلَا تَزِرُ وَازِرَةٞ وِزۡرَ أُخۡرَىٰۗ ثُمَّ إِلَىٰ رَبِّكُم مَّرۡجِعُكُمۡ
فَيُنَبِّئُكُم بِمَا كُنتُمۡ تَعۡمَلُونَۚ إِنَّهُۥ عَلِيمُۢ بِذَاتِ ٱلصُّدُورِ ٧
۞ وَإِذَا مَسَّ ٱلۡإِنسَٰنَ ضُرّٞ دَعَا رَبَّهُۥ مُنِيبًا إِلَيۡهِ ثُمَّ إِذَا خَوَّلَهُۥ نِعۡمَةٗ ثلاثة أرباع الحزب ٤٦
مِّنۡهُ نَسِيَ مَا كَانَ يَدۡعُوٓاْ إِلَيۡهِ مِن قَبۡلُ وَجَعَلَ لِلَّهِ أَندَادٗا لِّيُضِلَّ
عَن سَبِيلِهِۦۚ قُلۡ تَمَتَّعۡ بِكُفۡرِكَ قَلِيلًا إِنَّكَ مِنۡ أَصۡحَٰبِ ٱلنَّارِ
٨ أَمَّنۡ هُوَ قَٰنِتٌ ءَانَآءَ ٱلَّيۡلِ سَاجِدٗا وَقَآئِمٗا يَحۡذَرُ ٱلۡأٓخِرَةَ
وَيَرۡجُواْ رَحۡمَةَ رَبِّهِۦۗ قُلۡ هَلۡ يَسۡتَوِي ٱلَّذِينَ يَعۡلَمُونَ وَٱلَّذِينَ
لَا يَعۡلَمُونَۗ إِنَّمَا يَتَذَكَّرُ أُوْلُواْ ٱلۡأَلۡبَٰبِ ٩ قُلۡ يَٰعِبَادِ ٱلَّذِينَ
ءَامَنُواْ ٱتَّقُواْ رَبَّكُمۡۚ لِلَّذِينَ أَحۡسَنُواْ فِي هَٰذِهِ ٱلدُّنۡيَا حَسَنَةٞۗ
وَأَرۡضُ ٱللَّهِ وَٰسِعَةٌۗ إِنَّمَا يُوَفَّى ٱلصَّٰبِرُونَ أَجۡرَهُم بِغَيۡرِ حِسَابٖ ١٠

⑥ Yaa namootaa! Rabbiin lubbuu takka, Aadam irraa isin uume. Ergasii Aadam irraa Hawwaa’a ni uume. Gaala, loon, hoolaafi re’ee irraa akaakuu saddeet isiniif uume. Akaakuu hunda irraa kormaafi dhaltuu uume. Garaa haadha keessanii dukkana garaa, gadaamessaafi hobbaatii keessatti yeroo yerotti isin uume. Inni wanta kana hunda uumu Allaah, Gooftaa keessani. Mootummaan hundi kan isaati, dhugaan gabbaramaan isa malee hin jiru. Akkamitti ibaadaa isaa irraa gara ibaadaa wanta homaa hin uumne kan ofiifuu uumamaniitti garagalfamtu?

⑦ Yaa namootaa! Isin yoo Gooftaa keessanitti kafartanis Rabbiin iimaana keessan irraa duressa. Rakkinni kafaruu keessanii isinumatti deebi’a malee kafaruun keessan isa hin rakkisu. Gabroota isaa akka isatti kafaran hin jaallatu, kafaruttis isaan hin ajaju. Sababni isas Rabbiin waan fokkataafi dhoowwamaa tahetti nama hin ajaju. Tola isaa irratti yoo isa galatoomfattanii isatti amantan, galatoomfatuu san jaallatee isa irratti galata isiniif galcha. Lubbuun hunduu waan hojjatteef qabamti malee lubbuun takkalleen yakka lubbuu biroo hin baadhattu. Guyyaa Qiyaamaa deebiin keessan gara isaa qofatti waan ta’eef wanta isin addunyaa irratti hojjattan isinii himee hojii keessan irratti isin mindeessa. Rabbiin waan qalbii gabroota isaa keessa jiru irraa homaa isa hin dhokatu, beekaadha.

⑧ Kaafira rakkinni dhukkubaa, horii dhabuufi sodaan bishaaniin nyaatamuu yoo isa qabe, rakkina isatti jiru san Rabbuma qofatti deebi’uun isa irraa fuudhuu kadhata. Sana booda yeroo Rabbiin rakkina isa mudate isa irraa fuudhe, Rabbii duraan isaaf gadi godhatuu ture san dhiisee akka nama biroollee karaa Rabbii irraa jallisuuf shariikkan Rabbiif godhuun, isaa gaditti gabbara. Yaa Ergamichaa! Nama amala kana qabuun: yeroo gabaabaa waan ta’eef umrii kee irraa hanga hafe bashannani. Ati Guyyaa Qiyaamaa warra ibidda keessa jiraatan irraayi jedhiin.

⑨ Namni ajaja Rabbii godhuun yeroo isaa kan halkanii salaataan fixu, kan adaba Aakhiraa sodaatuun rahmata Rabbii isaa kajeeluutu caala moo kaafirticha yeroo rakkoo Rabbiin gabbaree gaafa balloo immoo isatti kafaree shariikkan isaaf godhuutu caala? Yaa Ergamichaa! Si warri waan Rabbirratti dirqama godhe beekaniifi kan waan san hin beekne wal qixaa?! Warri garaagarummaa garee lamaan kanaa beeku, warra sammuun isaanii fayyaa qabduudha.

⑩ Yaa Ergamichaa! Gabroottan kiyya kan anaafi ergamoota kiyyatti amananiin: Gooftaa keessan sodaadhaa jedhiin. Warra isin irraa hojii bareechee hojjateef addunyaa keessatti gaariin, aakhiratti immoo jannanni tahaadha. Dacheen Rabbii balloo waan taateef hanga bakka itti Rabbiin gabbartan argattanitti, wanti isin dhorgu hin jiruu godaanaa jedhiin. Warri obsan guyyaa Qiyaamaa mindaa isaanii lakkoofsa malee kennamu.

✵ Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Rabbiin ilma namaa garaa haadha isaa keessatti ni eega.
- Sifti duroomaafi jaalachuutis Rabbiif mirkanaa’eera.
- Kaafirri Rabbiin beekuun yeroo rakkoo qofa tahee yeroo balloo immoo isa wallaaluun dubbiin harkaa wadha’uu irratti ragaadha.
- Sodaafi rahmata Rabbii kajeeluun amaloota warra iimaanaa keessaa isa lama.

قُلۡ إِنِّيٓ أُمِرۡتُ أَنۡ أَعۡبُدَ ٱللَّهَ مُخۡلِصٗا لَّهُ ٱلدِّينَ ١١ وَأُمِرۡتُ لِأَنۡ أَكُونَ
أَوَّلَ ٱلۡمُسۡلِمِينَ ١٢ قُلۡ إِنِّيٓ أَخَافُ إِنۡ عَصَيۡتُ رَبِّي عَذَابَ يَوۡمٍ عَظِيمٖ
١٣ قُلِ ٱللَّهَ أَعۡبُدُ مُخۡلِصٗا لَّهُۥ دِينِي ١٤ فَٱعۡبُدُواْ مَا شِئۡتُم مِّن دُونِهِۦۗ
قُلۡ إِنَّ ٱلۡخَٰسِرِينَ ٱلَّذِينَ خَسِرُوٓاْ أَنفُسَهُمۡ وَأَهۡلِيهِمۡ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِۗ
أَلَا ذَٰلِكَ هُوَ ٱلۡخُسۡرَانُ ٱلۡمُبِينُ ١٥ لَهُم مِّن فَوۡقِهِمۡ ظُلَلٞ مِّنَ ٱلنَّارِ
وَمِن تَحۡتِهِمۡ ظُلَلٞۚ ذَٰلِكَ يُخَوِّفُ ٱللَّهُ بِهِۦ عِبَادَهُۥۚ يَٰعِبَادِ فَٱتَّقُونِ ١٦
وَٱلَّذِينَ ٱجۡتَنَبُواْ ٱلطَّٰغُوتَ أَن يَعۡبُدُوهَا وَأَنَابُوٓاْ إِلَى ٱللَّهِ لَهُمُ ٱلۡبُشۡرَىٰۚ
فَبَشِّرۡ عِبَادِ ١٧ ٱلَّذِينَ يَسۡتَمِعُونَ ٱلۡقَوۡلَ فَيَتَّبِعُونَ أَحۡسَنَهُۥٓۚ
أُوْلَٰٓئِكَ ٱلَّذِينَ هَدَىٰهُمُ ٱللَّهُۖ وَأُوْلَٰٓئِكَ هُمۡ أُوْلُواْ ٱلۡأَلۡبَٰبِ ١٨
أَفَمَنۡ حَقَّ عَلَيۡهِ كَلِمَةُ ٱلۡعَذَابِ أَفَأَنتَ تُنقِذُ مَن فِي ٱلنَّارِ ١٩
لَٰكِنِ ٱلَّذِينَ ٱتَّقَوۡاْ رَبَّهُمۡ لَهُمۡ غُرَفٞ مِّن فَوۡقِهَا غُرَفٞ مَّبۡنِيَّةٞ تَجۡرِي
مِن تَحۡتِهَا ٱلۡأَنۡهَٰرُۖ وَعۡدَ ٱللَّهِ لَا يُخۡلِفُ ٱللَّهُ ٱلۡمِيعَادَ ٢٠ أَلَمۡ تَرَ
أَنَّ ٱللَّهَ أَنزَلَ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مَآءٗ فَسَلَكَهُۥ يَنَٰبِيعَ فِي ٱلۡأَرۡضِ ثُمَّ
يُخۡرِجُ بِهِۦ زَرۡعٗا مُّخۡتَلِفًا أَلۡوَٰنُهُۥ ثُمَّ يَهِيجُ فَتَرَىٰهُ مُصۡفَرّٗا ثُمَّ
يَجۡعَلُهُۥ حُطَٰمًاۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَذِكۡرَىٰ لِأُوْلِي ٱلۡأَلۡبَٰبِ ٢١

⑪ Yaa Ergamichaa! Ani akkaan ibaadaa isaaf qulqulleesse isum qofa gabbaru Rabbiin ana ajaje jedhiin.

⑫ Ammas ummata kan irraa jalqaba namaa isaaf bitamee isa jala butamee ta’utti ana ajaje.

⑬ Yaa Ergamichaa! Yoon Rabbitti yakkee ajaja isaa hin godhin adaba guyyaa Qiyaamaa guddaa saniin sodaadha jedhhiin.

⑭ Yaa Ergamichaa! Ani ibaadaa isumaaf qulqulleessen hojjadha malee isaa waliin kan biroo hin gabbaru jedhiin.

⑮ Yaa mushrikootaa! Rabbii gaditti taabota feetan gabbaraa(ajaja lolaa)jedhiin. Yaa Ergamichaa! Warri dhugaan hoonga’e warruma lubbuu isaaniifi maatii isaanis honga’eedha. Waan isaan irraa kophaa tahaniif jannata seenanii isaaniin wal hin qunnamin yookiin ibidda wajji seenanii gonkuma isaaniin walitti hin dhufiniidha. Dhagayaa! santu dhugaan hoongoo mul’attuudha.

⑯ Gubbaafi jalaan aara, arraba ibiddaafi hoo’aatu isaaniif jira. Adaba dubbatame kana Rabbiin gabroota isaatiin sodaachisa. Yaa gabroottan kiyya! Ajaja kiyya hojjattanii dhoowwaa kiyya irraa fagaatuun ana sodaadhaa. Rabbiin yeroo akkaataa badii raawwattootaa dubbatee fixe amma immoo amaloota gabroota isaa gaggaarii dubbatee akkana jedhe:

⑰ Warri taabotaafi wanta Rabbii gaditti gabbaramu gabbaruu irraa fagaatanii gara Rabbii tawbaa deebi’an bakka du’aa, awwaalaafi guyyaa Qiyaamas jannataan gammachiifamuun isaanif tahaadha. Yaa Ergamichaa! gabroota kiyya gammachiisi.

⑱ Isaan jecha dhageeffatanii hamaafi fokkataa isas adda baafatuun jecha bareedaa waan bu’aan keessa jiruuf hordofan gammachhiisi. Warri amaloota kana qaban warra Rabbiin qajeelloo kenneefi. Isaan kun warra Sammuu fayyaa qabduuti.

⑲ Nama kafaruufi jallina isaa keessatti hafuun jechi adbaa isa irratti mirkanoofte Yaa Ergamichaa! Isa qajeelchuu kessatti malli siif hin jiru. Yaa Ergamichaa! Nama amal kana qabu ibdda irraa baraaruu ni dandeessaa?!

⑳ Garuu warra Rabbiin sodaatan sadarkaan ol aantuun gariin garii gubbaa jirtu kan lagni ishee jala yaatu isaaniif taatudha. Rabbiin waan san waadaa isaaniif seene. Rabbiin waadaa hin diigu.

㉑ Isin arguudhaan akka Rabbiin bishaan roobaa samii irraa buusee burqituufi karaa yaa’a bishaanii keessa naqee bishaan kanaan midhaan bifti isaa wal dhabu isaan lafa irraa baase, ergasii midhaan sun gogu ni beektan. Yaa nama argite! Halluu isaa magariisa ta’uu booda dalachoomaa tahuu argita. Erga goguu isaatii caccabaa isa godha. Isa dubbatame kana keessa warra qalbii fayyaa qabuuf yaadachiisaatu jira.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Ibaadaan qeebalamuuf Rabbiif qulqulleessuun ulaagaadha.
- Diliin adabaafi dallansuu Rabbii namatti fiddi.
- Iimaana kennuun nama qajeelchuun harka Rabbii jira malee Ergamaa harkaa miti.

أَفَمَن شَرَحَ ٱللَّهُ صَدۡرَهُۥ لِلۡإِسۡلَٰمِ فَهُوَ عَلَىٰ نُورٖ مِّن رَّبِّهِۦۚ فَوَيۡلٞ
لِّلۡقَٰسِيَةِ قُلُوبُهُم مِّن ذِكۡرِ ٱللَّهِۚ أُوْلَٰٓئِكَ فِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٍ ٢٢
ٱللَّهُ نَزَّلَ أَحۡسَنَ ٱلۡحَدِيثِ كِتَٰبٗا مُّتَشَٰبِهٗا مَّثَانِيَ تَقۡشَعِرُّ مِنۡهُ
جُلُودُ ٱلَّذِينَ يَخۡشَوۡنَ رَبَّهُمۡ ثُمَّ تَلِينُ جُلُودُهُمۡ وَقُلُوبُهُمۡ
إِلَىٰ ذِكۡرِ ٱللَّهِۚ ذَٰلِكَ هُدَى ٱللَّهِ يَهۡدِي بِهِۦ مَن يَشَآءُۚ وَمَن
يُضۡلِلِ ٱللَّهُ فَمَا لَهُۥ مِنۡ هَادٍ ٢٣ أَفَمَن يَتَّقِي بِوَجۡهِهِۦ سُوٓءَ
ٱلۡعَذَابِ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِۚ وَقِيلَ لِلظَّٰلِمِينَ ذُوقُواْ مَا كُنتُمۡ تَكۡسِبُونَ
٢٤ كَذَّبَ ٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِهِمۡ فَأَتَىٰهُمُ ٱلۡعَذَابُ مِنۡ حَيۡثُ
لَا يَشۡعُرُونَ ٢٥ فَأَذَاقَهُمُ ٱللَّهُ ٱلۡخِزۡيَ فِي ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَاۖ وَلَعَذَابُ
ٱلۡأٓخِرَةِ أَكۡبَرُۚ لَوۡ كَانُواْ يَعۡلَمُونَ ٢٦ وَلَقَدۡ ضَرَبۡنَا لِلنَّاسِ فِي
هَٰذَا ٱلۡقُرۡءَانِ مِن كُلِّ مَثَلٖ لَّعَلَّهُمۡ يَتَذَكَّرُونَ ٢٧ قُرۡءَانًا عَرَبِيًّا
غَيۡرَ ذِي عِوَجٖ لَّعَلَّهُمۡ يَتَّقُونَ ٢٨ ضَرَبَ ٱللَّهُ مَثَلٗا رَّجُلٗا فِيهِ
شُرَكَآءُ مُتَشَٰكِسُونَ وَرَجُلٗا سَلَمٗا لِّرَجُلٍ هَلۡ يَسۡتَوِيَانِ مَثَلًاۚ
ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِۚ بَلۡ أَكۡثَرُهُمۡ لَا يَعۡلَمُونَ ٢٩ إِنَّكَ مَيِّتٞ وَإِنَّهُم
مَّيِّتُونَ ٣٠ ثُمَّ إِنَّكُمۡ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِ عِندَ رَبِّكُمۡ تَخۡتَصِمُونَ ٣١

㉒ Namni Rabbiin Islaamummaaf qoma isaa bal'isee gara isaatti qajeeluun beekumsa Rabbii isaa irra jiru, akka nama qalbiin isaa yaadannoo Rabbii irraa gogeetii? Gonkuma wal hin qixxaawan. Warra qajeelaniif nagayaatu jira, warra yaadannoo Rabbii irraa qalbiin gogeef hoongootu jira. Isaan sun dhugaa iraa jallina ifa galaa keessa jiran.

㉓ Rabbiin ergamaa isaa Muhammad irratti Qur'aana, irra bareedaa haasawaa tahe buuse. Dhugaa, bareedina, walqabatuufi waldhabuu dhiisuu keessatti gariin isaa garii kan fakkaatu buuse. Isa keessa seenaa, murtiilee, waadaa, akeekkachiisni, amaloota warra haqaa, amaloota warra dharaatiifi kan biroos heddumminaan jira. Sodaachisaafi akeekkachiisa isa keessaa yeroo dhagayan gogaan warra Rabbii isaanii sodaatanii ni suukannofti. Ergasii yeroo kajeellaafi gammachuu isa keessaa dhaga'an gara Rabbiin yaadatuutti gogaafi qalbiin isaanis ni laafti. Inni dubbatame kun qajeelloo Rabbiin nama fedhe itti qajeelchuudha. Nama Rabbiin salphisee qajeelloo isaaf hin kennin qajeelchaan isa qajeelchu hin jiru.

㉔ Inni Rabbiin addunyaatti isa qajeelchee Aakhiratti jannata isa galche, nama kafaree kufrii isaa irratti du'uun harkaafi miilli hidhamaa ta'ee ibidda isa galche, kan fuula isaa gadi konkolaataa ta'een malee waan ibidda ittiin eeggatu hin qaneen walqixxaa? Warra lubbuu isaa miidheen kufriifi yakka hojjatuu turtan kanaatu galata isaatii dhandhamaa jedhamaan.

㉕ Ummanni mushrikoota kana dura turte sobsiifnaan adabni odoo tawbatuun itti hin qophaawin tasa isaanitti dhufe.

㉖ Adaba saniin Rabbiin addunyaa keessatti salphinaafi qaanyii isaan dhandhamsiise. Odoo beekanii adaba aakhiratti isaan eeggatuutu irra cimaadha.

㉗ Dhugumatti Qur'aana Muhammad irratti buufame kana keessatti ilma namaatiif fakkeenya hamtuu, toltuu, dhugaa, dharaa, iimaana, kufriifi wanta biroos akka isaan gorfamanii haqa hojjatuun dhara dhiisaniif goone.

㉘ Qur'aana akka isaan Rabbiin sodaataniif qara'amaa Afaan Arabaa kan dabaafi nama irratti wal fakkaatuun keessa hin jirre goone.

㉙ Rabbiin mushrikaafi nama isa tokkichomsuuf fakkeenya gurbaa namni hedduun waldhaban kan yoo inni garii jaalachiise, kaan dallansiisu tahuun dhama'ee dubbiin harkaa waldha'eefi gurbaa nama tokkoof qulqulluu kan namni tokkichi qabu kan waan inni fedhes tasgabbiin adda beeku, fakeenya godhe. Namni lamaan kun wal hin qixxaa'an. Faaruun hundi kan Rabbiiti. Baraa irra hedduun isaanii hin beekan, kanaaf Rabbii waliin wanta biroo qindeessu.

㉚ Yaa Ergamichaa! Atis du'aaf jirta, du'uuf taa'uun isaanis shakkii hin qabu.

㉛ Yaa namoota! Isin guyyaa Qiyaamaa Gooftaa keessan biratti wal falamuun kan dhugaa ta'e dhara irraa adda bahuuf jira.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

● Warri iimaanaafi sodaa Rabbii qabu isaantu Qur'aanaaf gadi godhata. Warri diliifi salphinaa isumatti hin fayyadaman.

● Waan ergamoonni dhufteen kijibsiisuun sababa adabbiin addunyatti yookiin aakhiratti yookiin lamaan keessatti bu'uuniidha.

● Qur'aanni waa'ee addunyas ta'ee aakhira ibsu malee hin dhiifne; walitti qabatti yookiin tokko tokkotti dubbatuun fakkeenyi godhameera.